# Gadaa

## Kitaaba Barataa

Kutaa 5

BBO 2013/2020

# Gadaa


**Gorsaafi Qindeessaa**
Alamuu Hayiluu

**To'ataa Qulqullinaa**
Muhaammad Namoo

**Qopheessitoota:**
Boruu Jiloo
Dajanee Galataa
Darajjee Fufaa
G/Mikaa'eel Abboomsaa
Kumarraa Nagaash
Olaanaa Tashoomaa

**Gulaaltota:**
Biiftuu Roobii
Diida Jiloo
Duubee Adulaa
Lubaabaa Jamaal
Sulxaan Umaree

**Seecca'oota:**
Fiqaaduu Qana'aa
Muhaammad Abdoo

**Giraafiksii**
Taaddasaa Dinquu

**Fakkibsitoota**
Dhaqqaboo Guyyee
Solomoon Alamaayyoo

©Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2013/2020

Kitaaba kana Biiroon Barnootaa Oromiyaa bara 2013/2020 qopheessee maxxanse.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuufi baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

# Galata

Biiroon Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa qophii sirna barnootaa

Gadaa kutaa 1-8 keessatti jalqabaa hamma dhumaatti

deeggarsa barbaachisu gochuufi qooda fudhachuun gahee

olaanaa gumaacheerra. Kanaafuu,  hojii seena qabeessa biiroo

keenya wajjiin ta'uun  hojjachuu isaaf galata guddaa qaba.

Biiroo Barnootaa Oromiyaa

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Boqonnaa 1: Raabomuu .....1

Boqonnaa 2: Leenjii Raabaa .....6

Boqonnaa 3: Gaheefi Itti-gaafatamummaa Raabaa .....11

Boqonnaa 4: Jila Raabaa .....16

Boqonnaa 5: Faaruu Raabaa .....23

Boqonnaa 6: Seera Uwwaa .....27

Boqonnaa 7: Jaarmiyaa Siinqee .....31

Boqonnaa 8: Caaseffama Oromoo .....36

Boqonnaa 9: Seera Maatii .....41

Boqonnaa 10: Eegumsaafi Kunuunsa Bosonaa .....45

Boqonnaa 11: Eegumsaafi Kunuunsa Bineensotaa .....50

Boqonnaa 12: Seera Haraa-Eela .....55

Boqonnaa 13: Odaa .....62

Boqonnaa 14: Geerarsa .....68

Boqonnaa 15: Weedduu Lafoo .....73

Boqonnaa 16: Ateetee .....80

Boqonnaa 17: Galma Gadaa .....87

Boqonnaa 18: Woyyuu .....92

Jechibsoo.....100

# Boqonnaa 1 Raabomuu

Gulantaan Gadaa, kuusatti aanee dhufu Raaba jedhama. Raabni iddoo adda addaatti maqaalee Qondaala, Raabaa-Dooriifi Foora jedhamaniin beekama. Gulantaa kuusaa irraa gara gulantaa Raabaatti ce'uuf, jiloonni nigeggeeffamu. Jilootni yeroo ce'umsa kuusa irraa gara Raabaa jilataman kunniin Raabomuu jedhama. Jilootni Raabomuu kunis jila Nadhii buluu, Tolee gatuu, Bantii haaddachuufi Raaba Garmaamuti.

Jilootni ce'umsa Kuusaa gara Raabaa (Raabomuu) kunniin kaayyoo walfakkaataaf jilatamu. Kaayyoon isaanii kunis, gulantaan Raabomaa itti seenaa jiran akka milkaa'u eebbisuufi Raabomuu isaanii mirkaneessuuf jilatamu.

Abbootiin Raabaa jiloota ce'umsa Kuusa irraa gara Raabaa tartiibaan ilmaan isaaniitiif taasisanii gulantaa Raabomaa kana eebbisu.

Fakkeenyaaf, Booranaatti, jilli Nadhii buluu qophii Kuusni Raaba ta'uuf dursanii jilataniidha. Warri Kuusaa akkuma ardaa jilaa Nadhiin itti bulamu gahaniin horii ardaa ittiin eebbisan qalu. Horiin qalamu kunis "Dullacha Ardaa" jedhamee waamama. Itti aansuun, ollaa warra Gadaa Baallii fudhachuuf qophii jila Odaa buluu qubatanii galma ijaarratu. Galmi Nadhii, akka galma Goodiyyaa balbala lama osoo hintaane balbala tokko qofaan ijaarama.

## Gaaffii Hubannoo 1

**Raabni iddoo adda addaatti maqaa maal fa'atiin waamama?**

Akkuma Galma kana ijaaranii xumuraniin, Raabomatti ce'uun dura guyyoota afuriif walitti aansanii Waaqa kadhatu. Kunis, "nagaan Raabomatti nu ceessisi, nu kaayomsi" jedhanii Waaqa kadhatu. Erga guyyoota arfan Nadhii bulaniin booda "Dullacha Nadhii" qalu. Dullachi Nadhii jiloota Kuusoma keessatti raawwatame xumuranii gara Raabaatti ce'uu isaanii mirkaneessuuf qalama.

## Gaaffii Hubannoo 2

**Guyyaa afur Nadhii buluun maaliif barbaachise?**

Jiloonni Kuusa irraa gara Raabaatti ce'uuf raawwatamu jila Bantii haaddachuuti. Jilli kun, Gujiitti jila Raabni ce'umsa Raabomuu isaa mirkaneessuuf geggeessuudha.

Abbaan ilmi isaa Raaba ta'eef, mallattoo Raabomaa kan ta'e rifeensa bantii haadeefii Raaboma ilma isaa mirkaneessa. Bantii haaddachuun Kuusoma irraa gara Raabaatti ce'uuf gulantaa murteessaadha.

Jilli biroon kan ce'umsa gara Raabaatti godhamu keessatti raawwatamu ammoo Tolee gatuudha. Tolee gatuu jechuun, Gujiitti ijoolleen gulantaa Kuusaa keessa turan, jireenyi isaanii maatii irratti kan hundaa'edha. Haata'u malee, akkuma gulantaa Raabaatti ce'uuf jedhaniin maatiin ijoollee kanaa horii gaafa Dabballeefi Gaammee kennameef itti-agarsiisanii beeksisu. Qabeenyi maatiin kennaniif kunis loon ameessaa fa'a. Sababni isaa, gulantaa Raabaa keessatti haadha warraa waan fuudhaniif dursanii qabeenya isaanii akka beekaniifi.

## Gaaffii Hubannoo 3

### Toleen maaliif gatama?

Dabalataanis, Abbaan Gadaa warra Raabaa waraanaafi wantee qabachiisee fardaan garmaamsisa. Dandeettii isaanii madaalee, ibidda kenneefii ofdanda'anii akka qubatan godha. Jilli warri Raabaa fardaan garmaaman kunis Raaba garmaamuu jedhamee beekama. Kanaafuu, Raabomuun jila Kuusni Raabatti ce'uuf geggeessu kan akka Nadhii buluu, Tolee gatuu, Bantii haaddachuufi Raaba garmaamuudhaan Raaboma isaanii mirkaneeffachuun Raaba ta'u jechuudha.

## Gilgaala 1 Dhugaa yookiin soba jechuun deebisi

1. Raabni Nadhii bulee Baallii fudhata.

2. Galmi Nadhii balbala lama qaba.

3. Raabni naannoo biraatti Dhabeela jedhamee waamama.

## Gilgaala 2 Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e filadhu

1. Jiloonni kuusa irraa gara Raabaatti maaliif gaggeeffamu?

   A) Raaboma ta'uu mirkaneessuu

   B) Raaboma eebbisanii kaayomsuu

   C) Doorii ta'uu mirkaneessuu

   D) 'A fi B'n deebiidha

2. Horiin jila Nadhii buluu keessatti hinqalamne isa kami?

   A) Dullacha Ardaa

   B) Dullacha qoraan Olkaa

   C) Dullacha Nadhii

3. Abbaan Gadaa warra Kuusa irraa gara Raabaatti ce'uuf maal godha?

   A) Wanteefi waraana qabsiisa

   B) Fardaan garmaamsisa

   C) Ibidda baasee kennaaf

   D) Hunduu deebiidha

## Gilgaala 3 Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Jilli ce'umsa Kuusa irraa gara Raabaatti ce'uuf geggeeffamu maal fa'a?
2. Galmi Nadhii balbala meeqa qaba?
3. Jilli Bantii haaddachuu maaliif geggeeffama?

## Gilgaala 4

Naannoo keessanitti ce'umsi Kuusaa gara Raabaatti akkamitti akka gaggeeffamu maatii gaafachuun dareetti himi.

# Boqonnaa 2 Leenjii Raabaa

Gadaa keessatti gulantaan Kuusatti aanee dhufu Raaba jedhama. Raabni gulantaa kana keessatti leenjiiwwan adda addaa fudhatu. Isaanis, leenjii aadaa jilaa, seera ardaalee jilaafi daangaa lafaa, bilchina sammuu, naamusa hoggansaafi jireenyaa nibaratu. Raabni yeroo leenjii kanneen fudhatu, warra miseensa Raabaa kanaaf Qadadduu ta'an keessaa Yuuba jiloota isaanii qajeelchu jaarsa gorsaa qabu. Leenjii fudhatan kanaanis, aadaafi duudhaa, heeraafi seeraa, qoraa- mura, daangaa lafaafi ardaa akka itti eeggatan baratu.

Leenjiiwwan jiloota aadaafi duudhaa Raaboma keessatti geggeeffaman hedduutu jira. Jiloonni kunneenis, haala Bantii Haaddachuun ittiin raawwatamuufi barbaachisummaa bantii haaddachuu abbootii isaanii irraa baratu. Kana malees, haala ittiin hawaasa irraa bahanii Waaqa itti kadhatan jila Dhokisuu keessatti gabbifatu.

Akkaataa ittiin maatii bulfataniifi hogganan ammoo adeemsa fuudhaa heerumaa raawwachuu keessatti leenji'u.

## Gaaffii Hubannoo 1

**Raabni leenjii fudhatu eenyu irraa barata?**

Dabalataan, akkaataa Qeexalaafi sirbi Raabomaa itti sirbamuufi maaliif akka sirbaman baratu. Jila Dhawanuu gaggeessuun seenaa jiruufi jireenyaa, jalqabbii caasaa Gadaa, gootummaafi gamnummaa nibaratu. Akkasumas, jilaa Qoraan Olkaa keessatti akkaataa namaa, sa'aa, ardaafi lafa eebbisanii itti woyyoomsan jaarsa gorsaa irraa baratu.

Jilli biroo kan Raabni geggeessuun baratu, jila Ruddiiti. Ruddii keessatti haala Raabni dubartoota itti eebbisanii jila kaayomsantu ardaa jilaa irratti bahanii gaggeessu. Fakkeenyaaf, gahee dubartoonni jila Raabaa keessatti qabanis, jila kana keessatti qalbeeffachaa baratu. Dabalataanis, jiloota Raabni gaggeessu dubartootaan eebbisanii bahuufi akka itti xumuranii galchan baratu.

Raabni warra Gadaa waliin gooroo marmaaruun daangaa ardaa, lafaafi qabeenya biyyaa adda baafatu. Dabalataanis, akkaataa lafaafi daangaa lafaa itti tiksan, kunuunsaniifi eegan baratu.

Akkasumas, miseensonni luba kanaa jaarmiyaalee leenjii haala diinagdee, hawaasummaafi siyaasaa itti hogganamaniifi gaggeeffaman kennamu fudhatu.

## Gaaffii Hubannoo 2

### Raabni gooroo marmaaree maal barata?

Kana malees, Raabni Gadaa waliin yaa'a godaanee gumiilee adda addaa irratti hirmaatee seeraafi murtii darbu barata. Yeroo Abbootiin Gadaa jila irratti eebbisan akkaataa eebbi sun itti raawwatamuufi eenyu akka eebbisu hubatu. Ardaa yaa'aafi gumiilee irratti haala malaa mariitiin seera muramuufi dubbiin itti qajeelfamu nihordofu. Kana malees, adeemsa waldhabdeen gosaafi biyyaa ittiin furamee walii-galtee irra gahamu addaan baafataa deemu.

Gadaa keessatti haala gogeessa yookiin miseensi wajjiin itti waldeggeraniifi walqeeqan baratu. Miseensotni Raabaa, Gadaa waliin waan waldeggaraniif Qadadduu jedhamu. Miseensonni Raabaa, Doorii waliin kan walqeeqan waanta'aniif Walannaa jedhamu. Haaluma kanaan, miseensota Gadaa waliif qadadduu ta'an cinaa qubatanii gorsa fudhatu. Dabalataanis, miseensotiin Doorii isaan wajjin walqeeqan walannaa waan ta'aniif, qeexalaafi faaruu irratti walqeeqanii wal qajeelchu.

Walumaagalatti, Raabni haala bilchina qabuun hawaasa akka gaggeessaniif, Gadaan leenjii aadaa, duudhaa, seera Gadaa, hoggansaafi tika biyyaa irratti leenjii fudhatanii dandeettiifi beekumsa ofii cimsataa deemu.

## Gilgaala 1 Dhugaa yookiin Soba jechuun deebisi

1. Raabni jaarsa gorsaa irraa leenjii fudhata.
2. Raabni jila Ruddiitiin gahee yuubi jila Raabaa keessatti qaban baratu.

## Gilgaala 2 Gaaffilee armaan gadii deebii sirrii ta'e filachuun deebisi

1. Leenjii armaan gadii keessaa kamtu leenjii Raabaa miti?

A. Leenjii aadaa B. Leenjii Gadamoojjummaa

C.Leenjii seeraa D. Leenjii hoggansaa

2. Raabni jila Dhawanuu keessatti maal leenji'a?

A. seenaa hojii namoota jajjaboo B. jalqabbii caasaa Gadaa

C. gootummaa, qarummaafi gamnummaa D. hunduu deebiidha

3. Kanneen keessaa kamtu leenjii gooroo marmaaruu keessatti hinhammatamne?

A. daangaa ardaa, lafaafi qabeenyaa

B. tikaafi eegumsa daangaa

C. leenjii fuudhaafi heerumaa

D. haala jaarmiyaaleen hawaasummaa ittiin hogganaman

## Gilgaala 3 Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Raabni warra Gadaa waliin gooroo marmaaruun maal barata?

2. Leenjiin Raabni Walannaafi Qadadduu irraa baratu maal fa'a?

3. Raabni leenjiiwwan adda addaa maaliif fudhata?

## Gilgaala 4

Leenjii Raabaa naannoo keetti beektu yookiin maatii gaafadhuu dareef ibsi.

## Raabaa

Gadaa keessatti Raabni akkuma gulantaalee Gadaa biroo gaheefi itti-gaafatamummaa hawaasni irraa eegu qaba. Namni gulantaa kanatti wantoota irraa eegamu bahe gama hundaanuu biyya gaggeessuu danda'a jedhamee amanama.

### Gahee Raabaa

Raabni erga Raabomee booda, Gadaa keessatti ga'eewwan adda addaa qaba. Jalqaba Raabni qadadduu warra Abbaa Gadaa waan ta'aniif guyyaa isaan gooroo godaanan waliin deemuun gaafa Abbaan Gadaa Odaa bulu karra yaa'aa eegu. Kana malees, namaafi horii ardaa sana keessa jiraniif eegumsa godhu.

Lammaffaa, raawwii mariifi murtee Gadaan dabarsu deeggeruudha. Kana jechuun, murteewwan gumiifi yaa'i murteesse sanas gara hojii qabatamaatti jijjiiru. Kun akkuma jirutti ta'ee, adda durummaan dhimmoota jajjabduu nagaan walqabatan irratti qooda fudhatu.

Akkasumas, gaheen Raabaa jiloota Raabomaaf barbaachisan gaggeessuudha. Gadaa keessatti gulantaa Kuusaa irraa gara Raabaatti erga ce'anii eegalee, Raabni jiloota adda addaa geggeessuudhaan gahee isaanii bahu.

Jilootni Raabni geggeessu kunis, jila Bantii Haaddachuu, Dhokisuu, jila Daannisaa muruu, fuudhuu, Bokkuu buqqisuu, Midhoo dhawuu, sirba Raabomaa sirbuu, Dhawanuu, qoraan Olkaafi Ruddii raawwachuudha.

## Gaaffii Hubannoo 1

### Gaheen Raabaa maal fa'a?

Sadaffaan ammoo, leenjii fudhachuudha. Leenjii kanneen keessaa tokko barumsa bulchiinsaafi seera Gadaati. Abbaa Gadaa waliin godaanuun leenjii bulchiinsa Gadaa, seera Gadaa, aadaa ummataa, duudhaa, gooroofi woyyooma baratu. Leenji kanneenis kan kennu yuuba qadadduu isaanii kan ta'anidha.

Arfaffaan immoo, fuudhaa-heeruma geggeessuudha. Akka Sirna Gadaatti, namni tokko erga Raabomee gara dhumaatti fuudhuu qaba. Haata'u malee, miseensonni Raabaa marti fuudhuu baatanis Aduloonni Raabaa yookiin Torbiin fuudhuun dirqama ta'a. Sababiin isaas, akka ilaalcha Oromootti, namni biyya bulchuuf deemu dura mana isaa bulchuu qaba jedhamee amanama. Kanaanis, dandeettii mana bulchuu ga'umsaan yoo raawwatan, hawaasaafi biyya bulchuu akka danda'an mirkaneessu.

## Itti-gaafatamummaa Raabaa

Raabni erga Raabomee itti-gaafatamummaa adda addaa qaba. Itti-gaafatamummaa isaanii keessaa tokko hojii humnaatiin Gadaa deggeruudha. Jalqaba irratti galma Gadaa ijaaruun itti-gaafatamummaa isaanii ba'u. Abbaan Gadaan godaanee ardaa jilaa akkuma qubateen, galma Gadaa yeroo dongoru Raabni ammoo hojii isaa gargaaru. Galma ijaaruun hojii ulfaataafi humna barbaadu waan ta'eef, muka, dagalee, quncee, citaa yookiin buuyyoo barbaadanii fidu. Haaluma kanaan, Raabni wantoota ijaarsaaf barbaachisan kanneen fiduudhaan ijaaruu keessatti qooda guddaa qabu.

### Gaaffii Hubannoo 2

**Raabi akkamiin warra Gadaa deggara?**

Kana malees, itti-gaafatamummaan Raabni bahu kan biroon, humnaafi jabina qabaniin haraa- eela bishaanii baasanii ummata tajaajiluudha. Keessaattuu, naannoo horsiisee bulaatti hanqinni bishaan dhugaatii namaafi horii jirutti haroo qotanii baasuun ummata tajaajilu. Dabalataanis, eela seenanii baasuuf, Raabni gahumsaafi humna waan qabuuf eela to'anii namaafi horii obaasu. Akkasumas, mukkeen fageenya irraa muranii fiduun moonaa yookiin dallaa loonii ijaaru.

Kana malees, yeroo jilli Gadaa geggeeffamu qachaa yaa'aatti bahanii eegumsa taasisu. Leenjii eegumsaafi tika biyyaa fudhataniinis itti-gaafatamummaa, eegumsaafi gahee isaa bahuudhaan hawaasa tajaajilu.

## Gilgaala 1 Gabatee armaan gadii guuti

| | Ga'ee Raabaa | Itti-gaafatamummaa Raabaa |
|---|---|---|
| 1 | | |
| 2 | | Galma Gadaa ijaaruu |
| 3 | Abbaa Gadaa faana godaanuun karra yaa'aa eegu | |
| 4 | | |
| 5 | | |

## Gilgaala 2 Gaaffilee armaan gadii qubee deebii sirrii qabate filadhu

1. Kanneen armaan gadii keessaa gahee Raabaa kan hinta'in kami?

   A) Leenjii fudhachuu

   B) Namaafi horii ardaatiif eegumsa gochuu

   C) Murtee Gadaan dabarse deggeruu

   D) Biyya bulchuu

2. Kanneen armaan gadii keessaa itti-gaafatamummaa Raabaa kan ta'e kami?

   A) Daangaa biyyaa tiksuu

   B) Humnaan hawaasa gargaaruu

   C) Galma Gadaa ijaaruu

   D) Hunduu deebiidha

3. Raaba keessatti fuudhaa-heerumni gahee maalii agarsiisa?

A) Baallii kennuuf qophii ta'uu

B) Namni mana isaa bulchuu danda'u biyya bulchuu danda'a jedha mee waan ilaalamuf

C) Goodiyyaa buluu agarsiisa

D) Gadamoojjii gahuu isaanii agarsiisa

## Gilgaala 3

Naannoo keetti Raabni ga'eefi itti-gaafatamummaa akkamii akka qabu maatii gaafadhuu dareetti himi.

# Boqonnaa 4 Jila Raabaa

Gadaa keessatti gulantaa tokko irraa kan itti aanutti akkuma ce'ameen jiloota adda addaatu gaggeeffama. Gulantaa Raabaa keessatti jiloota aadaa guutamuu qaban geggeessa. Jiloota hedduu dabareedhaan Raabni geggeessu keessaa Bantii Haaddachuu, fuudha raawwachuu, Dhokisuu, sirba Raabomaa, Dhawanuu, Olkaa, jila Daannisaafi Ruddii fa'a. Raabni yeroo jiloota kanneen geggeessu, warra miseensa Raabaaf Qadadduu ta'an keessaa Yuuba yookiin jaarsa gorsaa jiloota isaanii barsiisu qabu. Jiloonni Raaboma keessatti raawwataman hedduun kan namaa-sa'a, margaa-bishaan, jiruufi jireenya hawaasaafi Ardaa woyyoomsuuf gaggeeffamu.

Fakeenyaaf, Gujiitti jila Raabni akkuma Kuusa irraa gara Raabaatti ce'een geggeessu keessaa tokko Bantii haadachuu jedhama. Jila kana irratti abbootiin Raabaa, ilmaan isaanii Raaba ta'aniif rifeensa mataa isaanii gubbaa irratti geengessanii haadu. Erga Bantii haaddatanii booda ardaa jilaa qubatanii korma qalu. Kana irraa ka'uun jilli kun jila Bantii haadachuu jedhama.

Raabni akkuma Bantii haaddateen nifuudha. Sababiin isaa, itti-gaafatamummaa bahuun manaa waan eegaluufi. Raabomuu gara jalqabaatti, Abbaan Murtii Raabaa dursee fuudha. Itti-aansanii miseensonni kaanis nifuudhu.

Raabni haadha warraa erga fuudheen booda, handhuuraa kennameef fo'achuu danda'a. Akka seera Gadaatti, haati warraa Raabaa haadha Ambaa jedhamti. Haadha Ambaa jechuun ammoo, haadha ummataa jechuudha. Raabni erga fuudheen booda ofdanda'ee horooroo qabatee dhibaafachuu, hariirachuufi daadimachuu danda'a.

## Gaaffii Hubannoo 1

### Haati warraa Raabaa maal jedhamtee waamamti?

Jilli biraa, Bokkuu muka harooressa jedhamu irraa murata. Sana booda, korma qalee haadha warraatti midhoo dhahee qophaa'ummaa gara fuul-duraa jiru agarsiisa. Midhoon meeshaa dubartiin matatti hidhattu ta'ee, sibiila bifti isaa keelloo ta'e irraa tolfamuudha. Kana irraa ka'uudhaan, Gadaa keessatti lubni gulantaa kanaa Raaba midhoo jedhamees waamama.

Jilli biroo kan Raabni gaggeessu ammoo, jila Dhokisuuti. Fakkenyaaf, Booranatti, jilli Dhokisuu akkuma maqaa isaa irraa hubatamu, jila Raabni hawaasa irraa adda bahanii dhokatanii geggeessaniidha. Dhokisuun jila kadhaa Waaqaa, kaayoo, hormaata namaafi woyyooma lafaatiif jilataniidha. Jila dhokisuu keessatti horiin aadaa jilichaa guutuuf niqalama. Horiin jila dhokisuu irratti qalamu kunis, Dullacha Saaphuphaafi Dullacha Qoraan Olkaa jedhamu.

Dullachi Saaphuphaa kan qalamuuf kaayoofi milkii dansaa argachuufi. Qalmi kan biroo immoo Dullacha Qoraan Olkaati. Dullachi Qoraan Olkaa kan qalamuuf jila eebba namaafi sa'aatiifi.

## Gaaffii Hubannoo 2

### Jilli dhokisuu maaliif geggeeffama?

Jilli Raabni geggeessu kan biroo ammoo, Sirba Raabomaati. Sirbi kun, sirba korommiin Raabaa "Dhawanuu" jedhanii sirbaniidha. Sababiin sirbi Raabomaa sirbamuuf inni guddaan sirbaan ergaa walii dabarsuudha. Jila kana keessatti, nama kanaan dura ardaafi daangaa lafaa tikseef sirbama. Namoota seenaa hundeeffama Sirna Gadaa keessatti gahee qaban keessattuu nama caasaa Raabaa ijaare "Raaba Yaayyaa"f sirbu. Kana malees, namoota yeroo Raaboma keessa turan; hojii jajjabaa hojjatan, gootummaafi gamnummaa qabaniif sirbu. Kunis, ilmaan Raaboma keessa jiran seenaa namoota jajjaboo sanaa akka fakkeenyaatti fudhachuun hawaasaaf hojii jajjabaa akka hojjataniif yaadameeti.

Kana malees, jila kana keessatti sirbaan Waaqa kadhachuun milkii waan kadhatan sanaa kan ittiin mirkaneeffataniifi madalaniidha. Hawwiin Raabni daa'ima argachuuf qaban guddaa waan ta'eef "abbaa ilmaa na taasisi" jedhanii Waaqa kadhatu.

Akkuma warri dhiiraa hormaataaf Waaqa kadhatan, dubartoonni haadha warra Raabaa ta'anis hawwii ilmeef qaban ibsachuuf "haadha ilmee na taasisi" jedhanii faaruun Waaqa kadhatu.

## Gaaffii Hubannoo 3

**Sirba Raabomaa keessatti namoota akkamiif sirbama?**

Akkuma jila Dhawanuu xumuraniin, jilli Raabni geggeessu jila Qoraan Olkaati. Jilli Olkaa, kan jilatamuuf muka akka Ejersaafi Ammarreessaa qabatanii ardaafi lafa eebbisuufi. Kunis, dhiiga Dullacha Qoraan Olkaatiif qalame sana qoraan murame sana dibuun lafa naqanii, lafa woyyuumsi jedhanii Waaqa kadhatu.

Jilli Raabni gara xumura Raabomaatti geggeessu kan biroon, jila Daannisa murachuuti. Jilli Daannisa murachuu kun Booranaatti, hawwii Raabni ilmaan godhachuuf qaban ibsuuf kan geggeeffamuudha. Raabni guyyaa Daannisa muratee booda, mallattoo abbaa warrummaa kan ta'e horooroo qabatee iddoo jilaa deemuu eegala. Dabalataanis, haati warraa Raabaa miidhoo yookiin Guulmaa hidhattee siinqee qabattee warra jilaaf bahu eebbistee bobbaafti.

Jiloota Raabaa dabareedhaan Raaboma keessatti geggeeffaman keessaa kan biroon, jila Ruddiiti. Ruddiin jila dubartootaa gulantaa Raabomaa keessatti Adulooti haadha warraa isaanii waliin jilataniidha. Raabni kadhaa Waaqaatiif guyyoota hedduuf ardaa jilaatti bahee Waaqa kadhachaa ture, gara xumura jila sanaatti dubartoota waliin jilatu.

Dubartootni mi'oota aadaa Gorfoo naqatanii, Siinqee qabatanii moonaa jilaa, Raabni jiru sanatti haadha warraa Bokkuu ofdura buusanii dabareedhaan yaa'anii ardaa jilaa sanatti bahu. Dubartoonni Ruddiif bahan, fuula abbaa warraa isaaniitti tarree galuudhaan dhaabbatanii eebba fudhatu. Akkuma gaafa jalqaba jila Abbaa warraa isaanii eebbisanii geggeessan, xumura jilaa irrattis eebbisanii galchu.

## Gilgaala 1 Dhugaa yookiin soba jechuun deebisi

1. Jilli Raabni geggeessu jila Qoraan Olkaa qofa.
2. Raabni korma qalee haadha warraa isaatti kallacha hidha
3. Daannisa murachuun hawwii daa'ima godhachuu ibsa.
4. Jilli Ruddii jila Abbaan warraa geggeessuudha.
5. Dhiirri erga fuudhee Midhoo mataatti hidhata.

## Gilgaala 2 Gaaffilee armaan gadii deebii sirrii ta'e filachuun deebisi

1. Jiloota armaan gadii keessaa kamtu jila Raabaa miti?

A. Dhawanuu

B. Sirba Raabomaa

C. Goodiyyaa

D. Ruddii

2. Kaayyoon sirbi Raabomaa sirbamuuf maali?

   A. Sirbaan ergaa walii dabarsuu

   B. Nama ardaafi lafa jabeesse faarsuu

   C. Hormaata Waaqa kadhachuu

   D. Hunduu deebiidha

3. Jila Ruddii keessatti gaheen haadha warraa maali?

   A. Abbootii warraa eebbisanii bobbaasuu

   B. Abbootii warraa eebbisanii galchuu

   C. Gabaa deemuu

   D. 'A fi B'n deebiidha

## Gilgaala 3

Gaaffilee armaan gadii dubbisa armaan olii irratti hundaa'ii deebisi

1. Raabni Raaboma ta'uu isaa maaliin mirkaneeffata?

2. Jiloonni Raaboma keessatti geggeeffaman maaliif jilatamu?

3. Qalmi jila dhokkisuu irratti qalamu maal jedhama?

4. Ruddii eenyutu sirba?

## Gilgaala 4

Naannoo keetti jiloota Raabaa raawwataman maatii gaafachuudhaan dareetti himi

# Boqonnaa 5 Faaruu Raabaa

Faaruu Raabaa jechuun, sirba jiloota Raabaa adda addaa irratti sirbamu jechuudha. Sirbi Raabaa kan sirbamu yeroo jila jilatan ergaa ittiin dabarfachuufi Waaqa kadhachuuf kan ooluudha. Sirboota Raabaa keessaa Leemayoon kan Booranatti sirbamu akka armaan gadiitti dhiyaate.

Hoo leemayoo

Booranni luba kiyyaa

Bulee ardaa guutuu

Ardaan ardaa gaaraa

Dooriin doorii gaaraa

Gadaan Gadaa gaaraa

Raabi Raaba gaaraa

Wayyuun wayyuu gaaraa

Qootiin qootii gaaraa

Bokkuun bokkuu gaaraa

Garaan dhoruu fedha

Dhoree raasuu fedha.

Anaa raagduu raagii,

Waaqa raagdu ka'ii

Ganyaan dibadhaa

Ganyayyeessuu fedhaa

Qulmuuduun dibadha

Quphansiisuu fedhaa

Mogorreen dibadhaa

Momogolchuu fedhaa

Gaaleen dibadha

Gagadi'uu fedhaa

Darbaan dhisuu fedhaa

Garaan dhoruu fedha

Dhoree raasuu fedha.

Anaa raagduu raagii,

Waaqa raagdu ka'ii

Ganyaan dibadhaa

Ganyayyeessuu fedhaa

Qulmuuduun dibadha

Quphansiisuu fedhaa

Mogorreen dibadhaa

Momogolchuu fedhaa

Gaaleen dibadha

Gagadi'uu fedhaa

Garaan dhoruu fedha

Dhoree raasuu fedha.

Anaa raagduu raagii,

Waaqa raagdu ka'ii

Ganyaan dibadhaa

Anaa lolee jannaa

Garaan ilmoo bofaa

Iddee qoomuu fedhaa.

## Gaaffii Hubannoo 1

Faaruu yookiin sirba Raaba armaan olii keessatti Ardaan ardaa gaaraa jechuun maal ibsa?

Kan biroo, Gujiitti yeroo Raabomuu ga'an gammachuu isaanii sirba Raabaa armaan gadiin ibsatu.

Bokkuu buqqisuun geettee hoo

Midhoo dhahuun geettee hoo

Raaba irreen faayaa hoo

Jaartii midhoon Faayaa hoo

Naaf geenyaan baleelee hoo

Qeexalee bareedee hoo

Qadadduu gammachiisee hoo

Walaannaa rifachiisee hoo

Raabomee baleelee hoo

Dooramuu kajeelee hoo jedhanii sirbu.

## Gilgaala 1 Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Faaruu Raabaa jechuun maal jechuudha?
2. Woyyuun woyyuu gaaraa jechuun maal jechuudha?
3. Sirbi Raabaa yoom sirbama?
4. Raabi Raaba gaaraa jechuun maal jechuudha?

## Gilgaala 2 Dhugaa yookiin soba jechuun deebisi

1. Sirba Raabaa armaan olii kana keessatti Bokkuun bokkuu gaaraa jechuun kabaja guddaa Bokkuun qabu agarsiisa.
2. Raabomee baleelee hoo jechuun kan sirban Raabomuun akka nama boonsu ibsachuufidha.
3. Sirbi Raaba kan sirbamu yeroo jila Dooromuuti.

## Gilgaala 3 Faaruu Raabaa kana dubbisuun ergaa isaa ibsi

Bokkuu buqqisuun geettee hoo

Midhoo dhahuun geettee hoo

Raaba irreen faayaa hoo

Jaartii Midhoon faayaa hoo

Naaf geenyaan baleelee hoo

## Gilgaala 4

Faaruu Raabaa naannoo keetti beektu yookiin maatii gaafadhuu dareetti barattootaaf ibsi.

# Boqonnaa 6 Seera Uwwaa

Akka Heera Gadaatti dubartiifi dubri woyyooma guddaa qabu. Kanaaf, Oromoon dubartoota nikabaja; nisafeeffata. Kanumaan walqabatee Gadaan seera mirgaafi kabaja dubartootaafi dubraa ittiin eegsisu qaba. Seerri kunis, seera uwwaa yookiin seera dubartiifi dubraa jedhama.

Seerri uwwaa kabaja dubartiifi durbaa eeguuf bahe. Kunis, dubartoonni walqixxummaa, haqummaafi woyyummaan akka jiraatan gargaara. Jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti akka dhaggeeffatamaniifi kabajaman kan taasisuudha. Seerri uwwaa durbaafi dubartootni dhimmoota hawaasummaa gara garaatti dursa akka argatan taasisa. Kana malees, miidhaa, hacuuccaafi yakkoota dubartiifi durba irra gahuu malu ittisa. Walumaagalatti, seerri uwwaa dubartiifi dubra mirga woyyoomaafi aangoo kennaaf.

## Gaaffilee Hubannoo 1

1. Seera Uwwaa jechuun maal jechuudha?
2. Seerri Uwwaa maaliif bahe?

Sirna Gadaa keessatti, akkaataa seera uwwaa ittiin raawwachiisan tartiiba mataa isaa qaba. Isaanis, miidhama dubartiifi dubraa gaaddisatti baasuufi adabsiisuun seera hojii irra oolcha.

Raawwii seera uwwaa kana dubartoonni jaarmiyaalee isaanii keessatti nihordofu. Namni miidhaa dubartoota irraan gahe bu'uura seera Uwwaa yookiin dubartiitiin adabama. Adabbiin kun "karra mataa" jedhama. Karra mataa jechuun, horii sababa adabbiif kennamu jechuudha. Ciminniifi ulfaatinni adabbii kanaa yakkicha irratti hundaa'a. Adabbii salphaa gorsa afaanii irra hanga adabbii cimaa sadarkaa hawaasicha keessaa baafamuutti bal'achuu danda'a. Fakkeenyaaf, namni dubartii tokko bonkoo ishee qabe loon torba adabama.  Kana malees, kabaja dubartiifi dubraatiin walqabatee Gumiin Gadaa seera gara garaa tumeera. Seerotni kun armaan gaditti tarreefamaniiru

a. Dubartiin woyyuu, seera; nama jalqabaa ishiitu daheef woyyoomtee, seera;
b. Dubartii dura, laga hince'anii seera;
c. Midhaan ishii dura hin nyaatanii seera;
d. Fardaan yoo deeman, ishii dura yaabsisuu seera;
e. Nama dubartii yakke firatu itti bahaa seera; murtee firaatu itti kennaa, seera;
f. Ilmi yoo haadha yakke murteen raada ishee kennaa seera" jedhan dubartiif tume.

Seerri uwwaa kunis jireenya Oromoon guyyaa irraa gara guyyaan jiraatu keessatti hojii irra oola. Gadaan seera dhimmoota adda addaa to'atuufi hordofu kana akka golaafi gosa Oromoo hunda qaqqabu godhee tume. Miidhaa mana kam keessattuu raawwatamus caasaa bulchiinsaafi hawaasummaa kanneen akka dhaddacha gosaa fa'a diriirsuun akka dubartoonni haqa dabe yookiin mirga sarbame irratti himatan caasaa diriirse. Maatiin yookiin abbaan manaa yoo hacuuce yookiin horiifi qabeenya garmalee yoo qisaase dhaddacha gosaatti himatti.

## Gaaffilee Hubannoo 2

1. Ilma haadha yakke adabbiin isaa maali?
2. Seera Uwwaa kan hojii irra oolchu eenyu eenyu fa'a?

Dhaddachi gosaa seera Gadaan tume irratti hundaa'ee seeraa uwwaa kabachiisa. Mirgoota dubartootaa eegee furmaata kennaaf. Dhiibbaafi miidhaa alaafi manatti isaan irra gahuu malu to'atu.

Abbaan warraa dubartii ulfaa yookiin harma hoosiftu yoo dhaane yookiin yoo kunuunsuu dide, namni haadha bollaa yookiin haadha yaa'aa (haadha warraa Abbaa Gadaa) arrabse, namni durba yookiin haadha warraa namaa tuqe, akkuma cimina yakka isaaniitti adabama.

## Gilgaala 1 Dhugaa yookiin Soba jedhii deebisi

1. Seerri mirgaafi kabaja dubartootaa eeguuf tumame "seera uwwaa" jedhama.
2. Akka Seera uwwaatti yoo ragaan argame malee adabbiin murtaa'u hin jiru.
3. Qabeenyi sababa adabbii kafalamu karra mataa jedhama.

## Gilgaala 2 Qubee deebii sirrii filadhuu deebiisi

1. Namni dubartii tokko bonkoo ishee qabe loon meeqa adabama?

   A. Shan C. Torba

   B. Ja'a D. Saddeet

2. Adabbiin miidhaa dubartoota irra gahe bu'uura seera uwwaa yookiin dubartiitiin adabsiifamu maal jedhama

   A. Karra mataa C. Siinqee

   B. Seera Uwwaa D. Deebiin hinjiru

3. Seera Gumiin Gadaa mirga dubartiifi dubaraa kabachiisuuf lallabe isa kami?

   A. Laga dura hince'an C. Nyaata dura hinyaatan

   B. Farda dura hinyaabbatan D. Hunduu deebiidha.

## Gilgaala 3

Naannoo keessanitti namoonni safuu cabsuun dubartiifi durba miidhan maal adabamu?

# Boqonnaa 7 Jaarmiyaa Siinqee

Sirna Gadaa keessatti dubartiin woyyooma guddaa qabdi. Woyyoomni isaanii kun akka hincabneef ammoo, jaarmiyaa mirga isaanii ittiin kabachiifatan qabu. Isaan keessaa tokko Jaarmiyaa Siinqeeti.

Jaarmiyaan Siinqee miseensota haadha Siinqeetiin kan ijaaramuudha. Jaarmiyaan kun, mirga Sirni Gadaa kenneef irratti hundaa'uun waan hedduuf furmaata kenna. Isaanis, Dubartii deessuun qanafaa hidhattee, kuulii kuullattee, hanfalaa hidhattee gola teessu nisafeeffatamti. Abbaan manaa dubartii deettee, adda irraa qanafaa qabdu niqananiisa. Yoo miidhe dubartoonni walitti ba'anii akkas jedhanii itti ililfatu.

"Qanafaa hindheessaa;

Tan faana fixeensaa;

Deettuu tiyyaa maaloo;

Rabbittiin si dheessa." jedhanii faarsan. Haala Kanaan, Jaarmiyaa Siinqeetiin mirga dubartootaa kabachiisu.

Akkasumas, dhiira diinqa (gola) seenee dubartii siinqeetti dheessitee siinqee qabatte yakke yookiin rukute, gamtaan ba'anii itti ililfatanii murtee seerri tumeen adabsiisu.

Kana malees, akka tasaa yoo ilmi haadha yakke dubartoonni walitti ba'anii ililfatu. Sana booda, jaarsi bahee akka seera Gadaatti itti-murteessu taasisu. Murtiin kunis kan jalqabaa ummanni bahee dhaanuu yoo ta'u, kan itti aanu ammoo, qalee; maree irraa fixachuudha. Kana jechuun, haadhatti wayyaa uffisee daadhii bookaa naqee akka tuftuuf taasifama. Yeroo ililifattus akkas jetti;

"Intala aayyaa dhageettee!

Oduun si geettee!

Ilmatu na yakke dhageettee!

Oduun sigeette" jedhanii mormii qaban ibsatu.

## Gaaffii Hubannoo 1

Dubartoonni Siiqnee qabatanii ba'anii kan ililfatan yoo yakki akkamii raawwatame?

Sirna Gadaa keessatti dubartiin woyyuudha. Dubartiin ulfinaafi kabaja guddaa qabdi. Abbaan warraa yoo itti aarellee sabbataan dhaana malee miidhaa hamaa irraan hingahu. Garuu, namni kana bira darbee ishee tuqe seera jaarmiyaa Siinqeetiin sa'a irraa qaluun adabama.

Jaarmiyaan Siinqee mirga dubartootaa kabachiisuu qofa osoo hintaane ga'ee biraas qaba. Waldhabdeen gosa gidduutti yoo dhalate dubartiin siinqee qabattee ililfattee walakkaa lolaa seentee, waraanni battalumatti akka dhaabbatu gooti. Yeroo ililfatanis akkas jedhanii ililfatu;

"Ani waraana hin qabu;

Siinqee tiyya sootii qabadhee;

Ani humna hinqabuu;

Waaqa kiyya mootii kadhadhee;

Waaqa irraa kadhee hindhabuu;

Maaf dhaba? Kan jiloo qabu." jedhanii faarfachuun lola dhaamsu.

Dubartiin siinqee qabattee warra nagaa hawaasaa eegsisuuf ka'an "Shokokii hindarbatin, sobdee hindhaadatin, mo'ii injifannoon gali", jettee siinqee hulluuqsiftee gaggeessiti.

Gama birootiin ammoo, balaafi badii hawaasa irratti dhufuuf deemu hambisuuf siinqee ishee qabattee Waaqa kadhatti. Kunis, siinqee qabattee, malkaa buutee rakkoo hawaasa mudate sana akka fala argatu "Yaa Waaqi nutti araarami" jechuun ililfataa Waaqa kadhatti. Waaqnis kadhaa ishee nidhagahaaf.

Akkasumas, miseensa gosaa tokko jalaa qabeenyi balaa tasaan jalaa barbadaa'ee yoo hiyyoome yookiin rakkate, siinqee qabatanii hirpha kadhatuuf. Dubartiin siinqee qabatte kabajaafi ulfina waan qabduuf hawaasnis hirpha isaan kadhatan sana nikennuuf.

## Gaaffii Hubannoo 2

Sirna Gadaa keessatti Jaarmiyaan Siinqee mirga dubartootaa kabachiisuun alatti maal maali irratti hirmaatti?

Jaarmiyaan Siinqee mirgi dhiiraafi dubaraa hawaasa keessatti haala walmadaaluun akka hojii irra oolu taasisa. Kanaafuu, jaarmiyaan siinqee mirga dubartootaa kabachiisuu irra darbee kan rakkateefillee birmatee rakkoo baasa.

## Gilgaala

## Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Waldhabdee gosa gidduutti dhalate dubartiin siinqee qabatte dhaabuu dandeessi. (dhugaa/Soba)

2. Jaarmiyaan Siinqee mirga dubartootaa qofa kabachiifatti. (dhugaa/soba)

3. _____ mirga sirni Gadaa dubartootaaf kenna tiksa.

4. Qanafaa dubartiin godhattu mallattoo maal ta'uu agarsiisa?

   A) Dubartii heeruma irra jirtu

   B) Dubartii deesse

   C) Dubartii abbaa manaatiin wal-lolte

   D) Deebiin hinjiru

5. Gochootni dubartiin akka baatee ililfattu godhan maal fa'i ?

Gadaan akkuma sirna bulchiinsaa kamiiyyuu caasaa ijaarama hawaasaa qaba. Haalli caaseffamaa isa xinnaa irraa gara guddaatti ijaarama. Isaanis, Maatii, Warra, Ollaa, Reera, Dheeda, Yaa'a (Gabalaa)fi Gumii (caffee)dha.

Maatiin caasaa ijaarsa hawaasa Oromoo keessaa kan jalqabaati. Miseensa maatii tokkoo kan ta'an abbaa manaa, haadha manaafi ijoolleedha. Maatiin tokko kan hoogganamu abbaa manaatiin yommuu ta'u, bakka abbaan manaa hinjirretti haadha manaan yookiin ilma angafaan hoogganama. Warri ammoo, ijoollee abbaa tokkoo ta'ee akaakayyuu, akkoo, ijoollee isaanii kanneen fuudhan maatii isaanii waliin, akkasumas kanneen hinfuudhiin kan hammatuudha.

Fakkeenyaaf, akaakayyuun ijoollee saddeet yoo qabaate; saddeettanuu fuudhanii haadha manaafi ijoollee yoo qabaatan kun hunduu bakka tokkotti Warra jedhamu. Ollaan kan maatiiwwan hedduun walitti dhiyoo jiraatan yookiin waliin qubatanidha. Ollaan kan yeroo gaddaafi gammachuu dafee wal dhaqqabu yommuu ta'u, abbaa ollaatiin hoogganama.

Akkasumas, qubsumni baldhaan Ollaa hedduu walitti dhufuudhaan Reera ta'ee abbaa Reeraatiin bula. Bu'uurri yookiin giddu-galeessi hundeeffama reeraa walitti hidhamiinsa yookiin walitti fayyadamiinsa diinagdee (Haraa- eelaa, lafa dheedumsaafi qonnaa) hawaasni waliin qabuudha.

Fakkeenyaaf, hawaasni iddoo adda addaatii walitti dhufee iddoo tokkotti Haraa- eela fayyadamu yookiin tikaan wal dhaqqabu reera jedhama. Namootni reera tokko keessa waliin jiran torban keessatti guyyoota hedduu dhimmoota hawaasummaafi diinagdee irratti walitti dhufuun marii gaggeessu. Akka ollaa guyyaa guyyaan walitti dhufuu dhabanillee hawaasni reera tokko keessa waliin jiraatu kun walitti hidhamiinsa diinagdee, bulchiinsaafi hawaasummaa cimaa waliin qabu.

## Gaaffilee Hubannoo 1

1. Caaseffama Oromoo keessatti warri eenyufaa hammata?
2. Caasaan ijaarsa Reeraa eenyuun bulaa?

Dheeda jechuun ammoo, Reera hedduuti walitti dhufuudhaan dheeda ta'a. Yeroo baay'ee bu'uurri yookiin giddu-galli hundeeffama dheedaa jiloota adda addaa irratti wal qaqqabaniidha. Akka caaseffama Oromootti, ummatni bakka garagaraatii walitti dhufee gabaa tokko walitti dhaabbatu kan  dheeda tokko keessa waliin jiruudha.

Ummatni dheeda tokko keessa waliin jiraatu akka hawaasa reera tokko keessa waliin jiraatuu torban keessatti guyyoota hedduu dhimma diinagdeefi hawaasummaatiif walitti hindhufan. Sababni isaa waareefi qonnaan waan wal hindhaqqabneefi. Kana jechuun, namootni dhuunfaa haalaafi yeroo barbaadanitti walitti dhufuu nidanda'u malee akka hawaasaatti dhimmi diinagdee, hawaasummaafi bulchiinsaa guyyaa guyyaan walitti isaan fidu hinjiru jechuudha. Garuu, qubsumaan walirraa faffagaatanis, hanqinni margaafi bishaanii yoo jiraate walitti dhufanii fayyadamu.

Akka caasaa ijaarsa Gadaa Oromootti dheedi abbaa dheedaan (Gadaa rogaan) kan hogganamu ta'a. Caasseffama Oromoo keessatti Dheedi hedduun walitti dhufee Yaa'a (Gabalaa ) ta'a. Gabalaan kutaa bulchiinsaa Adulaan (Abbaa Gadaa Gabalaan) buluudha. Aduulaan (Abbaan Gadaa Gabalaa) angawoota isaa waliin ummata Gabalaa (yaa'a) isaa keessa jiru bulcha.

## Gaaffilee Hubannoo 2

1. Dheedi hedduun walitti dhufee maal ta'a?
2. Caaseffama Oromoo kamtuu walitti dhufee Dheeda ta'a?

Gumiin yookiin Caffeen, Gabalaa (yaa'a) hedduun walitti dhufee

Gumii yookiin Caffee ta'ee caasefama akka Me'ee Bokkoo, Gumii Gaayoo,Odaa Roobaa,Odaa Nabee,Odaa Bisil,Odaa Bulluq, Odaa Bultuumiifi caasaalee isaan jalatti hammataman qabatee Abbaa Gadaan kan hogganamuudha.

### Gilgaala 1 Dhugaa yookiin soba jechuun deebisi

1. Gadaan caasaa ijaarama bulchiinsaa mataa isaa guutuu qaba.
2. Ollaan hedduun walitti dhufuudhaan reera ta'ee abbaa manaatiin bula.
3. Bulchiinsa Gadaa keessatti Abbaan Gadaa qofaa isaa ummata bal'aa isa jala jiru hinbulchu.

### Gilgaala 2 Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii filadhuu deebisi

1. Maatiin eenyuun Hogganamuu danda'a?

A. Abbaa manaa B. Haadha manaa

C. Ilma angafaa D. hunda

2. Aangoo olaanaa kan qabu eenyu?

A. Gumii B. Abba Reeraa

C. Abba Gadaa D. Abbaa Dheedaa

3. Caaseffama Oromoo keessatti Dheedi hedduun walitti dhufee maal ta'a?

A. Yaa'a (Gabalaa) B. Reera

C. Ollaa D. Maatii.

## Gilgaala 3

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Ollaan hedduun walitti dhufuudhaan maal ta'a?

2. Reeri hedduun walitti dhufuudhaan maal ta'a?

3. Akka bulchiinsa Gadaatti dheedi eenyun bula?

## Gilgaala 4

Naannoo keetti Ummanni Oromoo caaseffama akkamii akka qabu maatiikee gaafadhuu hiriyyoota keetti himi.

Ijaarsa Gadaa keessatti caaseffamni bu'uuraafi xiqqaan maatiidha. Maatiin miseensota bu'uuraa abbaa, haadhaafi ijoollee irraa ijaraama. Yeroo tokko tokko immoo akkoofi akaayyuullee hammachuu danda'a. Maatiin Abbaa warraafi haadha warraatiin hogganama. Jiruufi jireenya isaanii hogganannii gaggeessuu keessatti miseensotni maatii hundinuu duudhaa/seera ittiin bulan qabu. Seerri maatii kunis, seera abbaafi haadhaa, seera hangafaafi quxisuufi seera horannaafi bulfannaa qabeenyaati.

## Gaaffii Hubannoo 1 Miseensi maatii eenyu fa'i?

Seera maatii keessaa inni tokko seera abbaafi haadhaati. Abbaafi haati jireenyaa maatii isaanii hunda waliin qajeelchu. Ijoollee isaanii waliin kunuunsanii guddisu. Wantoota raawwatan hunda mariin gaggeessu. Kanaaf, jiruufi jireenya maatii keessatti abbaafi haati adda bahanii hin-ilaalaman. Kun immoo, akka jireenya gaariifi gammachuu qabu waliin jiraatan isaan taasisa. Ijoolleen isaanis kanuma keessatti guddatu.

Oromoon haati utubaa manaati; abbaan gaachana/gaaddisa maatiiti jechuun gahee abbaafi haati jireenya maatii keessatti qaban ibsa. Keessattuu, haati yeroo heduu daa'imman biraa waan hindhabamneef, aadaa, duudhaa, safuu, naamusaafi jiruu-jireenya hawaasaa barsiistee guddisuu keessatti gahee ol'aanaa qabdi.

Abbaanis walitti dhufeenya hiriyyaa, ollaafi firaa, gosaafi biyyaa ijoollee barsiisuu keessatti qooda guddaa qaba. Haadhaafi abbaanis waliigaltee kanaan ilmaan isaanii gorsaa guddisu.

Heera Gadaa keessatti, abbaafi haati woyyuu waan ta'aniif, kununfamuu qabu. Namni abbaafi haadha yakke ni adabama. Adabbiin kunis, bifa garagaraatiin raawwatama. Fakkeenyaaf, adabbiin duraa ardaan itti ba'ee dhaana. Ittaansee, ameessa irraa qalanii abbaafi haadhaa uwwisa akka kennu godhama. Erga kun raawwatamee akka tufaniif taasifama.

## Gaaffii Hubannoo 2

Abbaafi haati seera Gadaa keessatti akkamiin ilaalamu?

Kun maaliif ta'e?

Maatii keessatti ijoolleenis seera angafaa-quxisuun hogganamti.

Angafni haadhaafi abbaa waliin ta'uun quxusuu kunuunsaa guddisa.

Akkasumas, ajaja haadhaafi abbaa fudhachuun maatii gargaara.

Quxisuunis angafa nikabaja; ni'abboomamaafi. Angafni nisafeeffatama waan ta'eef isa dura hintaa'an; duras hineebbisan.

Jireenya maatiif qabeenyi bu'uura waan ta'eef maatiin qabeenya qabu jireenya qananii jiraata. Kanumaan walqabatee Oromoon gaafa daa'imni tokko dhalattee jalqabee qabeenya itti horaa adeema. Fakkeenyaaf, daa'imni dhalattee yoo handhuurri gogee bu'u raada irra buusuun handhuuraa kennuuf. Achiis, gaafa maq-baasaallee raada biraa dabaluufi. Kana malees, yeroo umrii fuudhaafi heerumaa irra gahanis qabeenya adda addaa kennaniifii mana baasu.

## Gaaffii Hubannoo 3

Seera angafaa – quxisuu jechuun maal jechuudha?

Maal maaltu achi keessatti tumame?

Abbaan warraafi haati warraa waliin jiraachaa qabeenyas waliin horatu. Qabeenya wajjiin horan kanas waliin bulfatu, waliin too'atu. Abbaan warraa marii haadha warraatiin alatti qabeenya waliin horatan hinqisaasu; hingurguru; nama birootiif dabarsee hinkennu. Isheenis marii abbaa warraatiin alatti dhimmi raawwattu hinjiraatu.

Gabaabumatti, maatiin seera abbaafi haadhaa, angafaafi quxusuu, horannaafi bulfannnaa qabeenyaa kanaan nagaafi tasgabbiin waliin jiraata jechuudha.

## Gilgaala

## Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Miseensonni maatii abbaa warraa, haadha warraafi ijoolleedha. (Dhugaa/Soba).
2. Ijoolleen maatii isaaniitiif ajajamuun seera. (Dhugaa/Soba).
3. Haati akka lafaa;Abbaan akka Waaqaa, jechuun maal jechuudha?
4. Seerri angafaafi quxisuu maalidha?
5. Seerotni maatii dubbisa keessatti dhiyaatan maal fa'a?
6. Seera maatii naannoo keetti beektu yookiin maatii gaafadhuu dareef ibsi.

Gadaan uumama Waaqni uume maraaf seera adda addaa tuma.

Seerota kanneen keessaas seerri mukaa isa tokko. Mukni jireenya ilma namaa guyyaa guyyaa keessatti hariiroofi hidhata guddaa qaba. Madaalliin uumamaa akka eegamuufi lubbuu qabeeyyiif wantoota murteessoo ta'an keessaa bosonni isa tokkoodha.

Bosonni madda sooratataa, dawoo jireenyaa, gaaddisaafi qoricha ta'ee lubbu qabeeyyii tajaajila. Kana malees, ilmi namaa mukkeen naannoo isaa jiran jalatti jiloota aadaafi amantii nigeggeeffata. Kanumaan walqabatee; bakka bosonni hinjirre dhala namaas ta'e uumamni lubbuu qabu kamiyyuu jiraachuun ulfaataadha. Kanaafuu, ummanni bosona eegaafi kunuunsaa akka itti fayyadaman Gadaan seera tume.

## Gaaffii Hubannoo 1

## Faayidaan bosonaa maali?

Gadaa keessattis, bosonni jireenya dhala namaatiif murteessaadha. Kanaaf, seerri eegumsaafi kunuunsa bosonaa tumamaaf. Oromoo biratti muka muranii mancaasuun akka seera Waaqaa cabsuutti waan sodaatamuuf, namni muka muree hinmancaasu. Seerotni Gadaa mukkeen ilaalchisanii tumamanis hawaasa naannootiin kabajamu.

Seerota Gadaa keessatti bosonaaf tumaman keessaa tokko: "mukni wayyuudha; hinmuramu; yoo muruun isaan barbaachises itti dhibaafatanii muru" kan jedhuudha. Erga muranii boodas biqiltuu dhaabuun bakka buusu. Muka gurguddaa hundeetti jigsanii balleessuun aad-maleedha. Yoo dhimmaaf murachuu barbaadan ammoo damee irraa muratanii dhiisuu akka qabanis seerri tumamee jira.

Mukni guddaan mukkeen keessaa ol bahee mul'atu hangafa mukaa waan ta'eef hinmuramu. Sababiin isaas, yoo bosona keessattis ta'e daandii irra osoo deemanii karaan nama jalaa bade isa ilaalanii karaatti waan deebi'aniif. Akkasumas, mukkeen gurguddoo faayidaa adda addaatiif muruun yoo barbaachise; erga muranii booda marga jiidhaa ciranii irra kaa'uudhaan "jibbaaf sin murre; haajameen simure"jechuun aadaa muka guddaa muruuf guutamuu qabu guutanii muru.

Oromoon ilmi isaa akkuma mukaa guddatee akka mul'atu waan hawwuuf, maqaa mukkeen irraa maggaasaaf. Mukkeen maqaan irraa namaaf moggaafaman keessaa Birbirsa, Qilxuu, Dhaddacha, Dambii, Coomaa, Waaccuufi Odaan isaan muraasa. Kanuma irraa ka'uun, mukkeen akkasii muruun akka nama maqaa muka sana qabu tuquutti waan ilaalaniif nisafeeffatu. Kana malees, muka kichuu qajeelaa guddatee gaaddisa ta'u; akka ilma ol-adeemutti waan ilaalamuuf hinmuran.

Akkasumas, mukkeen jilaaf oolan woyyuu waan ta'aniif hinmuraman. Jilootni adda addaa mukkeen jilaatiin waan raawwatamaniif mukkeen sirna Gadaa keessatti gahee olaanoo qabu. Fakkeenyaaf, mukkeen jilaa kanneen akka Me'ee, Daannisaa, Dhaddachaa, Dambiifi Eebbaa muka Dhibaayyuu, Hulluuqqoofi kormaa korbeessaa woyyuu waan ta'aniif mukkeen safeeffatamaniifi hinmuramneedha.

## Gaaffii Hubannoo 2

Oromoon ilmaan isaatiif maqaa mukaa maaliif moggaasa?

Seerri Gadaa bosonaaf lallabamu kan biroo; namni damma baasuuf bosona seenu, bakka eegumsa midhaaniitti ibidda qabsiisu, godaansa horii fuudhee deemee ibidda qabsiisu bishaan of-biraa dhabuu akka hinqabne tumamee jira.

Sababni isaas, yoo akka tasaa ibiddi ka'ee bosonatti qabate bishaan sanaan waan dhaamsuuf bishaan qabatee akka deemu seera Gadaa keessatti lallabamee jira.

## Gaaffilee Hubannoo 3

Yeroo ibidda fuudhanii bosona seenan bishaan qabatanii seenuun maaliif barbaachise?

Walumaagalatti, bosonni jireenya ilma namaa keessatti iddoo guddaa qaba. Oromoo biratti faayidaa jireenya guyya guyyaa bira darbee, faayidaa aadaafi amantaatiif waan ooluuf; seerri eegumsaafi kunuunsa bosonaa yeroo yerootti lallabama. Kanaafuu seera Gadaa kana irraa kan ka'e bosonni har'a Oromiyaa keessatti argamu naannoo biroo irra fooyya'ee eegamee as-gahuu danda'ee jira.

## Gilgaala 1 Dhugaa yookiin soba jechuun deebisi

1. Dhalli namaa lafa babal'ifachuuf bosona ciruu qaba.
2. Mukkeen madaallii jireenya uumamaa dhala namaatiif eegu.
3. Muka Woyyuu ta'an yoo muran itti dhibaafatanii muru.

## Gilgaala 2

Gaaffilee armaan gadii deebii sirrii ta'e filachuun deebisi

1. Bosonni lubbu qabeeyyiif faayidaa maalii kenna?

   A. Madda Soorata
   C. Gaaddisa
   B. Dahoo jireenyaa
   D. Hunduu deebiidha

2. Seerota Gadaa keessatti mukkeen akka hinmuramne dhorkaman kanneen akkamiiti?

   A. Muka kichuu ol- adeemaa
   C. Muka jilaa
   B. Muka dheeraa
   D. Hunduu deebiidha

3. Gadaa keessatti muka jilaa kan hintaane isa kami

   A. Baargamoo
   C. Waddeessa
   B. Daannisa
   D. Dambii

## Gilgaala 3

Gaaffilee armaan gadii dubbisa irratti hundaa'uun deebisi

1. Dhalli namaa bosona irraa faayidaa akkamii argata?
2. Seera Gadaa keessatti muka muranii mancaasuun maaliif sodaatama?
3. Aadaan muka guddaa muruuf guutamuu qabu maali?
4. Faayidaan addaa bosonni sirna Gadaa keessatti qabu maal fa'a?

## Gilgaala 4

Naannoo keetti haala Oromoon bosona itti kunuunsu kan beektu yookiin maatii gaafachuun dareetti dhiyeessi

# Boqonnaa 11 Eegumsaafi Kunuunsa Bineensotaa

Sirna Gadaa keessatti Oromoon wantoota hundaafuu seera qaba. Isaan keessaa inni tokko seera bineensotaati. Kunis, Oromoon uumama hundaafuu safuufi mararfannaa waan qabuufi. Kanaafuu, dhalli namaafi bineensonni madaala uumamaa eeganii akka waliin jiraataniif, seera eegumsaafi kunuunsa bineensotaa tume. Akkasumas, uumama Waaqaa tiksee kabaja uumaa isaaf qabus ittiin mul'isa.

Seeronni eegumsaafi kunuunsa bineensa bosonaatiif Gadaa keessatti tumaman hedduun isaanii haala qabatamaa bineensotaafi qilleensa naannoo bu'uura godhataniiti. Seeronni kun yeroo yeroodhaan jijjii-ramaafi fooyya'aa dhufan. Sababiin isaas, akkuma baay'inni ummataa dabalaa deemuun dhiibbaan bineensota irra gahu hammaachaa waan deemuuf, isa kana furuuf jedhameeti.

## Gaaffii Hubannoo 1

Seera Bineensotaa Gadaa keessatti tumuun maaliif barbaachisa?

Seeronni Oromoon bineensotaaf tume, eegumsaafi kunuunsa bineensotaatiif dahoo guddaa ta'ee jira. Seerota kanneen keessaa bineensa osoo waa baqatuu lubbuu oolfachuuf mana namaa seene ajjeesuun dhorkaadha kan jedhu isa tokko.

Akkasumas, namni bineensa lubbuu oolfachuuf mana namaa seene ajjeese, hawaasa keessatti tuffatamaa akka ta'u lallabameera. Kana malees, bineensa dhalaa irra jiruufi lafti itti bariitee galaa jiru ajjeesuun dhorkaadha.

Gama biraatiin, bineensa bosonaa qabanii ittiin qotuun safuu cabsuudha. Kana malees, bineensa bosonaa qalatanii nyaachuun dhorkaa waan ta'eef, hawaasni nama hojii akkasii dalage qoqqobbii irra kaa'a. Dabalataanis, akka seera Gadaatti, bineensa horii namaa hintuqne adamsanii ajjeesuun dhorkaadha.

Seerri eegumsaafi kunuunsa bineensotaa kan biroon; erga horii ofii bishaan obaasaniin booda naanniga horiin keessaa dhuge, bineensa bosonaatiif ammoo naanniga yookiin bidiruu horiin keessaa dhugu sanatti guutanii akka biraa deeman tumameera. Namni eela keessaa bishaan horii isaa obaafatee naanniga keessatti osoo hinguutin dhiisee, bineensonni bosonaa sababa dheebuutiin yoo dhuman itti-gaafatama. Kunis kan agarsiisu, Oromoon bineensota bosonaaf kabaja guddaa qabaachuu isaati.

## Gaaffii Hubannoo 2

Seera Gadaa keessatti namni erga horii isaa bishaan obaasee booda maal gochuu qaba?

Akkasumas, Seera Gadaa keessatti bineensota lafa irraa baduuf jedhan dandamachiisuuf seerota nitumu. Fakkeenyaaf, Gadaan Arsii Qorkee sababa adamootiin lafa irraa baduuf turan dandamachiisuuf Qorkeef seera tume. Seerri kunis, Qorkeewwan akkaataa bifa isaaniitiin gosoota Arsii naannoo sana jiraatanitti gosa galchuudha.

Kana jechuun, Qorkee daalacha gosa Arsii tokkotti galchanii; Qorkee diimaa ammoo gosa Arsii kan birootti galchuudhaan Qorkeewwan hunda gosa gosatti galchanii jiru. Namni Qorkee gosa galte kana adamsee ajjeese akkuma gosa Arsii keessaa nama tokko ajjeeseetti seera Gadaatiin himatama. Kana irraa ka'uudhaan, adamoon Qorkee irratti geggeeffamaa ture yeroo gabaabaa keessatti dhaabbateera. Qorkeen sanyiin ishee baduuf ture deebitee dandamattee wal hortee akka jiraattuuf wabii ta'ee jira.

## Gaaffii Hubannoo 3

Bineensota gosa galchuun maaliif barbaachisa?

Walumaagalatti, seeronni Gadaa, seera sodaa Waaqaatiin waan geggeeffamaniif, uumama lubbuu qabu; kan Waaqni uume adamsanii lubbuu baasuu nisafeeffata. Lubbu qabeeyyii naannoo isaaniitti argaman eeguufi kunuunsuun akka seera Waaqaa eeguutti ilaallama. Kanarraa ka'uunis, seerota eegumsaafi kunuunsa bineensotaaf Gadaa

## Gilgaala 1 Dhugaa yookiin soba jechuun deebisi

1. Seera bineensotaa kabajuun akka seera Waaqaa kabajuutti ilaalama.
2. Bineensota badaa jiran kunuunsanii dandamachiisuun nidanda'ama.

## Gilgaala 2 Deebii sirrii ta'e filachuun deebisi

1. Oromoon bineensota bosonaa akkamitti ilaala?

   A) Ni'adamsa

   B) Nimararfata

   C) Akka diinaatti ilaala

2. Gadaa keessatti seera bineensaa kam fa'aatu nama gaafachiisa?

   A) Bineensa bosonaatiin qotuu

   B) Bineensa ajjeesanii soorataaf oolfachuu

   C) Bineensa dhalaa jiru ajjeesuu

   D) Hunduu deebiidha

3. Abbaan dabaree horii isaa erga bishaan obaasee, bineensotaaf maal gochuu qaba?

A. Bishaan naannigatti guutee gala

B. Naanniga horiin keessaa dhugan cufee galuu qaba

C. Bineensa bishaan dhuguu dhufan eegee adamsa

4. Seerri Gadaa bineensota akkamii gosa galcha?

A. Bineensota gurguddoo

B. Bineesota sanyiin isaanii baduuf gahe

C. Bineensota nyaataaf oolan

## Gilgaala 3

Gaaffilee armaan gadii dubbisa armaan olii irratti hundaa'uun deebisi

1. Seera bineensotaa yeroo yeroon fooyyessuun maaliif barbaachisa?
2. Namni bineensa bosonaa adamsee nyaataaf oolfatu hawaasa keessatti akkamitti ilaalama?
3. Bineensota adamoodhaan sanyiin lafa irraa baduuf ta'an akkamiin kunuunfamu?

## Gilgaala 4

Naannoo keetti aadaa eegumsaa fi kunuunsa bineensaa jiru kan beektu yookiin maatii kee gaafachuudhaan dareetti himi

## Eela

Sirni Gadaa Oromoo seera kunuunsaafi itti-fayyadama qabeenya uumamaa gara garaa qaba. Isaan keessaa Seerri Haraa-Eelaa isa tokko. Hara jechuun lafa humna namaatiin qotame yookiin lafa dhooqaa irratti lolaa roobaatiin kan kuufamu yoo ta'u; Eelli ammoo, bishaan boollaa kan gadi fageenyaan lafti qotamee ba'uudha.

Haraa-Eelli naannoo horsiisee bulaa Oromoo iddoo hanqinni bishaanii jiru

Haalli itti-fayyadama bishaan Eelaa kan bishaan Haraa irra adda. Kunis, bishaan Eelaa boolla fagoo keessaa waraabanii baasuun horii obaasuuf naannigaa (bidiruu) horiin itti-dhugu qophaa'uu qaba. Bishaan horiin dhugu boolla keessaa baasanii obaasuuf, dura faccaanatti waraabu. Faccaana irraa ammoo,naannigaatti waraabuun qisaasina malee horii obaafatu.

Bishaan Haraas akkuma Eelaa, Seera Haraa-Eelaatiin bula. Isaan keessaa inni jalqabaa qulqullina eegsisuudha. Qulqullina isaa eegsisuuf dallaa itti ijaaruun isa duraati. Akkuma bishaan Eelaa naannigni hojjatamuuf horiin Hara keessa seenee akka hinborcine taasisuuf meerii yookiin tarraamuutu hara irratti hojjetama.

Bishaan Haraa abbaa Haraa (konfii) qaba.

Akka seera kanaatti kan horii obaafatu tartiiba eegee fayyadamuu qaba. Qulqullinni naannoo Hara sanaas koree filatamuun eegama. Koreen kunis abbaa herregaa jedhama. Horsiisee bulaan seera ittifayyadamaa armaan olii cabse abbaa herregaatiin adabama.

Haala kanaan bishaan haraa qusannaafi qulqullinaan itti-fayyadamu.

## Gaaffii Hubannoo 1

Seera Haraa-Eelaa keessatti naannigni (bidiruun) maaliif fayyada?

Haraa-Eelli waliigalteen yoo itti-fayyadaman malee walitti bu'iinsa fida. Kanaafuu, Oromoon Sirna Gadaa keessatti seera Haraa-Eelaa baafatee hojii irra oolcha. Seera kana hojii irra oolchuun walitti bu'iinsa hawaasa horsiisee bulaa Oromoo gidduu akka hinjiraannee taasisa.

Miseensota koree Seera Haraa-Eelaa bulchan keessa tokko konfiidha. Konfii jechuun nama bishaan boolla eelaa yeroo jalqabaaf qotee baase yoo ta'u, innis, abbaa eelaa yookiin konfii jedhamee waamama. Koreen haraa-eela bulchan konfii (abbaa eelaa)fi Yuuba irraa kan filataman yoo ta'u, isaanis abbaa herregaa jedhamu. Haalu-ma seera baheetiin walitti bu'iinsa malee bishaan kanatti waliin fayyadamu.

Akka Seera Haraa-Eelatti qabeenyi haraafi eelaa kan hawaasati malee kan nama dhuunfaa yookiin muraasaa miti. Kanaafuu, konfii qofa osoo hintaane miiloo yookiin hawaasa bal'aatu itti-fayyadama.

Bu'uuruma kanaan, kunuunsaafi bulchiinsa Haraa-Eelaafis kan taas-ifamu konfiifi abbaa herregaa qofaan osoo hintaane bawaasa bal'aatu irratti hirmaata jechuudha.

Miseensonni hundinuu Seera Haraa-Eelaa kana kabajuun dirqama.

Namni Seera Haraa-Eelaa Abbaa Gadaatiin bahe cabse ni'adabama.

Namni Eela hinqabnelleen kanuma walii kana dhuga. Namni kiyya jedhee hawaasa horsiisee bulaa biroo dhorke abbummaan yookiin Konfiin irraa fuudhatama. Namni aangoo isaatti fayyadamee hawaasa horsiisee bulaa akka bishaan hindhugne dhorke aangootu irraa fudhatama.

Seera Haraa-Eelaa Sirna Gadaatiin ba'e keessatti qaamota dursi kennamuuftu jira. Isaanis, Hayyuufi Lichoodha. Haata'u ammoo, Hayyuun yookiin Lichoon lama yookiin lamaa oli yoo walfaana Haraa-Eela ga'an haaluma hangafummaa isaaniitiin walduraa duubaan dhugasiifatu.

## Gaaffilee Hubannoo 2

1. Akka Seera Haraa-Eelaatti eenyutu mirga bishaan Haraafi Eelaatti fayyadamuu danda'a?
2. Fayyadamtoonni Haraa-Eelaa seera kam yoo cabsan adabamu?

Bishaan Haraa-Eelaa sirnaan bulchuu baannaan rakkoo fayyaa namaafi sa'aa fiduu danda'a. Kanaafuu, horiifi namnis bishaan Haraafi Eela miilaan keessa deemee borcuun hineeyyamamu. Horiifis ta'ee bineensotaaf wanti irratti dhugamu naannigatu qophaa'aaf. Namni osoo naanniga hinhojjatiniif horii Haraafi Eelatti naqe ni'adabama.

Namni horiin isaa naanniga irraa goree bishaan keessa deemee borces ni'adabama. Erga horiin bishaan dhugee dhoqqee naannoo Haraa-Eelatti buuseen booda, abbaan horii sanaa qulqulleessuuf dirqama qaba. Yoo dhoqqee horii isaa hinqulqulleessine akka seeraatti ni'adabama.

Haraa-Eelli yoo bade (duude) nihaaromfama. Haaromsuuf, "Sangaa Eelaa" kan jedhamu gumaata ittiin haaromsamu tilmaamamee miseensa gosaa irraa walitti qabama. Namni haaromsa kana irratti hirmaachuu yookiin gumaacha taasisuu dide bishaanichatti fayyadamuu irraa dhorkama; yookiin ni'adabama. Seerri kun waggaa saddeet saddeetitti fooyya'uu danda'a.

## Gilgaala 1 Deebii sirrii ta'e filadhu

1. Bishaan galoo (lolaa) roobaatiin kan uumamu _____dha.

   A) Eela  C) 'A fi B' deebiidha

   B) Hara  D) Deebiin hin jiru

2. _____koree Seera Haraa-Eela bulchuudha.

   A) Abbaa herregaa  C) gosa hunda

   B) konfii qofa  D) Deebiin hinjiru

3. Bishaan boolla gadi fageenyaan qotamee bahu_____jedhama.

   A) Eela  C) 'A fi B' deebiidha

   B) Hara  D) Deebiin hinjiru

4. Haraaf tarraamuu yoo jenne, eelaaf maal jenna?

   A) Meerii  C) 'A fi B' deebiidha

   B) Naanniga  D) Hunda

## Gilgaala 2

Jechoota gabatee keessa jiru keessaa filadhuu iddoo duwwaa guuti.

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| konfii | ummata<br>bal'aati | Hayyuufi<br>Lichoo | Naannigaan<br>(bidiruu) | sangaa<br>Eelaa |

1. Haraa-Eelli qabeenya_____.
2. Itti fayyadama Haraa-Eela keessatti _____f dursatu kennamaaf.
3. Buusiin Eela duude banuufi haaromsuuf fayyadamtoota Eelaa irratti akka buusan murtaa'u_____jedhama.
4. _____jechuun, nama bishaan boolla eelaa yeroo jalqabaaf qotee baasedha.
5. _____meeshaa bishaan eela keessaa itti-woraabbamee horiin keessaa dhuguudha.

## Gilgaala 3

Gaaffilee armaan gadiif deebii kenni

1. Garaagarummaan bishaan Haraafi Eelaa maali?
2. Haraafi Eelli maal maaliin walfakkaatu?
3. Seera Haraa-Eelaa cabsuun miidhaa maalii qaba?
4. Bishaan Haraafi Eelaa keessaa dhugaatii namaaf isa kamtu filatamaadha? Maaliif?
5. Dubbisa Boqonnaa kana keessa jiru irraa maal baratte?

# Boqonnaa 13 Odaa

Gadaa keessatti mukkeen ulfoo ta'an hedduutu jiru. Isaan keessaa inni tokko Odaadha. Oromoon Odaa akka mallattoo Oromoofi Oromiyaatti ilaala. Oromoon mukkeen jiran keessaa Odaa sababa adda addaaf mallattoo ofii godhee filate. Sababa kanneen keessaa gurguddoon: Odaan muka uumamaan lalisaadha. Bonaafi ganna baala hinharcaafanne waan ta'eef gaaddisa Odaa jalatti aduun nama hingubu.

Kana malees, Odaan dameewwan isaa bal'atee waan lafa ga'uuf dubbiin achi jalatti dubbatan bakkeetti hindhaga'amu. Odaan halkan daraara; halkan daraaruun isaa ammoo icciitii eeguu isaati. kanaaf Oromoon dubbii icciitii Odaa jalatti mari'ata. Bineensonni akka qamalee, jaldeessaafi weennii Odaarra waan hinbulleef jalli isaa qulqulluudha.

Odaa jalatti, bineensonni akka jawwee, bofaafi buutii waan hingalleef gaaddisa Odaa taa'uun sodaa hinqabu. Odaa bakakkaan waan hindhoofneef, yeroo roobaas sodaa malee jalatti dheessuun nidanda'ama. Sababoota kanarraa ka'uun Odaan muka filataamaa ta'e.

## Gaaffii Hubannoo 1

## Oromoon Gaaddisa Odaa Maaliif filata?

Oromoon Odaa jalatti seera tumee ummataaf labsa. Waan mari'atee murteesse Odaa jalatti murtii dabarsee baallii yookiin aangoo waliif kennee, walirraa fudhata. Kana malees gaaddisni Odaa iddoo itti miseensonni Gadaa sadarkaa tokkoo gara sadarkaa itti aanuutti ce'uu isaanii itti ayyaaneffataniidha. Kanaaf Odaan gaaddisa Abbaa Gadaafi galma Oromoon dhimma siyaasaafi hawaasummaa jalatti gaggeeffatuudha.

Odaa jalatti mukni kamuu biqilee guddachuu nidanda'a. Cobni isaa mukkeen xixiqqoo quucarsuu dhabuun isaa sabni Oromoo guddaa ta'ee saboota xixiqqoo hammatee waliin jiraachuu danda'uu agarsiisa. Iddoo Odaan jiru, jiidhaafi bishaantu jira. Oromoon jiidha jaallata; bakka jiidhi jiru margaafi bishaantu jira. Namaafi horiinis hindheebotan. Kanaafuu, Oromoon bakka Odaan jiru jireenyi qananii ta'uu akkas jedhee faarsa:

Odaan waa sadi qabaa

Sadanuu ofirraa qabaa

Gaaddisa Caayaa qabaa

Gubbaa firii qabaa

Jalaa bishaan qabaa jechuun faarsu.

Kun ammoo, tokkoffaa mukni Odaa firiin isaa ni nyaatama. kanaaf namaafi horiin illee firii Odaa nyaachuun beela ba'a. Inni lammataa, Odaan bonaafi ganna baala waan hinharcaafanneef, namaafi sa'aaf gaddisa ta'ee tajaajila. Sadaffaa, bakka Odaan jiru bishaan waan hindhabamneef namaafi horiin dhuganii dheebuu bahu. Kanaafuu Odaan mallattoo milkii gaarii, eebbaafi jireenya qananiiti. Kana irraa ka'ee Oromoon mukkeen jiran hunda keessaa Odaaf kabajaafi jaalala guddaa qaba.

## Gaaffii Hubannoo 2

## Ergaan faaruu Odaa armaan olii kun maali?

Ummata Oromoo biratti Odaan wayyuudha. Wayyooma isaa irraa kan ka'e Odaa qoraan cabsanii hinbobeeffatan, muranii dallaafi mana illee ittiin hin'ijaaran. Biqiltuu Odaa reefuu guddachaa jirtu yoo argan jala ciranii kunuunsu malee hinmuran; hinbuqqisan. Kanaafuu, Odaan ummata Oromoo waliin walitti dhufeenya cimaa qaba. Oromoon Odaa jala taa'ee seera tumee ummataaf labsa. Rakkoo siyaasaafi hawaasummaa mari'ata. Yaa'ii Odaa bulee anga'oota isaa filatee hojii irratti bobbaasa. Roobaafi nagayaatu jalatti kadhatama. Gumaafi waldhabdeen garuu Odaa jalatti hinmari'atamu.

Oromiyaa keessa Odaa kumaafi Kitilaan lakka'amantu jira. Kanneen keessaa gurguddoofi kan akka giddu gala sirna Gadaatti tajaajilaa turaniifi ammas tajaajilaa jiran kanneen armaan gadiiti:

1. Odaa Roobaa (Godina Baalee, Gindhiir)
2. Odaa Nabee (Godina Shawaa Bahaa, Dukam)
3. Odaa Bisil (Godina Shawaa Lixaa, Iluu Galaan)
4. Odaa Bulluq (Godina Horroo Guduruu, Aanaa Horroo Bulluq)
5. Odaa Bultum (Godina Harargee Lixaa, Aanaa Odaa Bultum)
6. Odaa Doogii (Iluu Abbaa Boor)

7. Odaa Doolaa (Godina Gujii Bahaa, Doolaa Woyyuu)

8. Odaa Borbor (Boorana)

9. Odaa Garaadoo (Walloo)

10. Odaa Hullee (Jimma)

Kanaafuu Odaan teessoo gaaddisa Abbaa Gadaa, caayaa Oromootaa, faajjii Oromummaa, mallattoo Oromoofi Oromiyaati.

## Gilgaala 1 Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Odaan mukkeen biraa irraa maaltu adda taasisa?

2. Odaa jalatti maal maaltu raawwatama?

3. Oromoon Odaa maaliif mallattoo ofii godhate?

## Gilgaala 2 Maqaa Odaalee gabatee keessaan bakka duwwaa guuti

| | | |
|---|---|---|
| Odaa Nabee | Odaa Bisil | Odaa Bultum |
| Odaa Roobaa | Odaa Bulluq | Odaa Doolaa |
| Odaa Borbor | | |

1. _____ godina Shawaa Lixaa, Iluu Galaanitti argama

2. _____ godina Harargee Lixaa, Odaa Bultumitti argama

3. _____ godina Horro Guduruu, Horroo Bulluqitti argama

4. _____ godina Baalee, Gindhiiritti argama

5._____ godina Shawaa Bahaa, Dukamitti argama

6. _____ godina Booranaatti argama

## Gilgaala 3

Naannoo keetti Odaan akkamitti akka ilaalamuufi fakkoommii isaa manguddoo gaafadhuu dareetti barattootaaf ibsi.

# Boqonnaa 14 Geerarsa

Oromoon miiraafi quuqqaa isaa karaalee ittiin ibsatu keessaa tokko geerarsa. Geerarsi ogafaan gootni jabduu dalage ittiin baannatuufi miira keessa ofii ittiin ibsatuudha. Gootni osoo of hinfaarsin dura abbaa, haadha, dacheefi lammii isaa faarsa. Kanaaf Oromoon " Geerarsi faaruu gootaati" jedha. Kanaaf, geerarsaan goota, arjaafi beekaa isaa faarsa. Dabeessa ammoo, qeequun onnee itti hora. Fakkeenyaaf, geerarsa armaan gadii ilaali.

Birbirsa mootii mukaa;

riqaa malee hinyaabanii;

abbaan ofii mootiidha;

dura malee hinwaamanii;

Isa kutaa uffatuu;

isa dhugaa dubbatuu;

isa gabateen baaduu;

isa camadee laatuu.

Yoo irbaanni koo dhufuu;

biraa hinhafu qabeen koo;

yommuun abbee koo faarsuu;

biraa hinaftu harmeen koo;

Harmee luuccaan walmaraa;

akka muujjaa balbalaa;

harmee luuccaan labbeessaa;

akka baala baddeessaa;

taa'aa siriiraa jettii;

hoodhaa itittuu jettii;

harka tokkoon calii baatti;

tokkoon aannan laattii;

yaa footuu calii lamaa;

yaa boontuu sanyii namaa.

Dachee nagaa ooltee?

dachee nagaa bultee?

yaa gudditti dhugaa;

jaartii garaa margaa;

Irri kee midhaanii;

jallikee bishaanii;

Sirra horree yaafnaa;

Sirra qonnee nyaannaa.

## Gaaffilee Hubannoo 1

1. Geeraraan hunda dura maaliif abbaafi haadha faarsa?
2. Oromoon maaliif dachee faarsa?

Waan agabuun na godhee;

midhaan ga'een dubbadhaa;

waan dheebuun na godhee;

bishaan ga'een dubbadhaa;

waan alagaan na godhee;

lammii ga'een dubbadhaa;

waan lammiin naaf godhe;

bara darbeen dubbadhaa.

## Gaaffii Hubannoo 2

Lammiin ofii maalfaa namaaf godha?

mootiin mukaa waa sadii;

waddeessa muka bokkuu;

baddeessaa muka faachaa;

hoomii muka waaqayyoo;

muka arbaa laga keessaa;

ya qottoo siifan hawwee;

Mootiin namaa waa sadii;

beekaa dubbiif jaallatuu;

goota lolaaf abdatuu;

arjaa kennaaf jaallatuu;

dabeessa garaa dibbee;

ya busaa siifan hawwee;

irra deebi'i ya golfaa.

## Gilgaala 1 Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Geerarsi weedduu gootaati maaliif jedhama?

2. Geerarsi kun eenyufaa faarse?

3. Mootiin namaa sadan eenyu fa'i?

4. Geerarsa kana sirna Gadaan maaltu walitti hidha?

## Gilgaala 2 Gaaffilee armaan gadii deebii sirrii ta'e filachuun deebisi

1. Bokkuun maalirraa hojjetama?

   A) Horooroo  C) Hoomii

   B) Waddeessa  D) Muka arbaa

2. Akka geerarsa kanaatti Oromoon eenyuun jaallata?

   A) Goota  C) Hayyuu

   B) Arjaa  D) Hunduu deebii sirriiti

3. Namoota geeraraan faarse keessaa kamtu woyyuu gurguddoo miti?

   A) Haadha

   B) Arjaa

   C) Abbaa

   D) Hunduu deebiidha

## Gilgaala 3 Geerarsa kana dubbisuun ergaa isaa ibsi

Jireenya maalii jirraa,

kan qotne namaaf hirraa,

dinnichaafi buqqeen jirraa,

masaanuu dhaddee jirraa,

rakkanneerra yaa firaa.

## Gilgaala 4

Geerarsa naannoo keetti beektu yookiin maatii gaafachuun dareetti barattootaaf geerari.

# Boqonnaa 15 Weedduu Lafoo

Karaalee dubartoonni miira isaanii ittiin ibsatan keessaa weedduun lafoo isa tokkodha. Weedduu lafoon dubartoonni abbaa, haadha, goota, lammiifi biyyaa faarsiti. Weedduun lafoo kan weeddifamu yeroo gootni duula deemu, yeroo gootni duulaa galu, yeroo qondaalli mirgaan galuufi bakkoota gootni jiraatee geerarsi itti geeraramu kamittuu weedduun lafoo dubartootaan niweeddifama.

Fakkeenya 1) Weedduu lafoo dubartoonni Oromoo naannoo Matakkal weeddisan:

Goommana eelee yabilee, Goonni har'a deebi'e

Goommana eelee yabilee, goonni har'a deebi'ee

Abbaan geeraree

Waanbaraan ba'ee

Maalan eegaree

Simachuun ga'ee

Abbee gurraachaa

Maalan gumaachaa

Gurra ofii lootii baachisuu

Gurra abbaa biyyaan qaarsisuu

Ba'aa baadhee hinbeekuu

Cidii taanaan malee

Nama faarsee hinbeekuu

Harmee taanaan malee

Harmee quba leensaa

Elmaa dandeessaa?

Darabaan sigeessaa!

Daraaraan dammaaree

Anoo damma hinseenee

Gaagga ilmi Deeddee

Durumaa gootaree?

Anoo goota hinseenee

Goota hundumtuu gootaa

Garaa ciibsaati jiraa

Yabilee gootni har'a deebi'ee

Goommana eelee yabilee goonni har'a deebi'ee

## Gaaffilee Hubannoo 1

1. Abbaan geerare Waanbaraan ba'e jechuun maal ibsa?

2. Gurra abbaa biyyaan qaarsisuu jechuun maal jechuudha?

Yaa xuwwee xiinnayyoo

silaa siinan  marqaa

Marqaa hinbeekuuf malee

Yaa Hindiiboo dhibbaa

Yaa Dongoroo Muxaa

Yaa Anuu Axaballaa

Yaa Guutoo Baddeessaa

Yaa Amuuma Tarbii

Yaa Oromoo Dangee

Yaa Oromoo Baalee

Yaa Oromoo Bahaa

Yaa Oromoo Dhihaa

Yaa Oromoo Kaabaa

Yaa Oromoo Kibbaa

Yaa Oromoo Finfinnee

Oromoota maraa

Silaa sin faarfadhaa

Maqaa hinbeekuuf malee

Maali yaa gurbaa

Coqorsaan suuqu sariitii.

## Gaaffii Hubannoo 2

1. Sirba durbaa armaan olii keesatti Oromoota maraa Silaa sin faarfadhaa maqaa hinbeekuuf malee kan jedhu kun maal ibsa?

Fakkeenya 2, 'Baanaa' kan naannoo Wallootti dargaggeessaafi durbi wal harkaa fuudhuun goota jajaniifi dabeessa qeeqan:

Dargaggoo; Durba beeysaa damma koo maqaan kee eenyu?

Intala: Dargoo Damma koo kan warri naa baase Faaxeedha,

kan dargageessi naa baase "Gilgileedha"

Dargaggoo:- Beeysaa koo biyyi kee eessa?

Intala: - Damma koo Bakarmaleefi Hidda Adoo jidduudha.

Dargaggoo: - Damma Daamuu akkamiin achi bu'uu dandeessee?

Intala: - Dargoo waan ofii ilmi haadha balaa, masnafa isaa hidhatee farda Bookee yaabbatee; duubaan na uddeellatee sanbaleexa morokfatee achiin nagahe.

Dargaggoo:- Beeysaa koo Bakarmaleefi Hidda Adoo jidduu maal nyaattanii? Maal dhugdanii? Maal afattanii? Maal boraafattanii jiraattu?

Intala:- Damma koo kan nyaannu galaa jagnaati, kan dhugnu mijuu isaati, kan afannu coqorsaa, kan boraafannu dhugoodha.

Dargaggoo:- Bakarmaleefi Hidda Adoo jidduu maaltu jiraa? maaltu hinjiru?

Inatala:- Damma koo jagnatu guutee, lugnatu hinjirre.

Dargaggoo:- Beeysaa jagni guutee lugni maaliif dhabame?

Intala:- Jagnaaf olmaa isaati, lugni lubbuu isaa sodaaf waan achi hinbuuneef dhabame

Dargaggoo:- Damma Daamuu bakarmaaleefi hidda adoo jidduu mukni takka jira, Maal daraaree maal firaayaa?

Intala:-kan daraaru guchiidhaa; kan firaayu harteedha.

Dargaggoo:- Bakka sanatti mukkeen jijjiiruu; takka xoolagaadhaa, takka gogaadha, takka nagahaa maal jetta?

Intala:- Kan xoolage gunfura jagnaatii, kan goge goota biyyaaf du'e, kan nagahaa nagahuma.

Dargaggoo: durba Bakarmaleefi Hidda Adoo jidduu muka takkatu jira maaltu jala olee maaltu jalaa galaa?

Intala:- Damma koo kan jala oluu jagnaa kan jalaa galu lugna.

## Gaaffilee Hubannoo 3

1. Baanaa kana keessatti durbi eenyuun jajji?
2. Durbi Oromoo lugna maaliif balaalefatti?

Dargaggoo:- Durba magaala koo Bakarmaleef Hidda Adoo jidduu mana takkatu jira kabaan isaa, dagaleen isaa, utubaan isaa waltaan isaa, cafaqaan isaa, girdoon isaafi afannaan isaa maali?

Intala:- damma koo walumaan ijaarree;

| | |
|---|---|
| Kabana isaa | arrittiidhaa |
| Dagaleen isaa | Hidaama |
| Utubaan isaa | Zangii |
| Waaltaan isaa | gunfura jagnaati |
| Girdoon isaa | ashkuttiidhaa |
| Afatni isaa | citaa adiidha |

jechuun faarsu.

## Gilgaala 1 Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Weedduun Lafoo sirba dubartootaati. (Dhugaa/Soba)
2. Dubartoonni weedduu lafoon abbaa qofa faarsu. (Dhugaa/soba)
3. Bakarmaleefi Hidda Adoon Wallootti argama. (Dhugaa/soba)
4. Xiyyeeffannoo Weedduu lafoo kan hintaane kami?

   A) Duula deemuu  C) Duulaa galuu

   B) Gootummaa  D) Hunda

5. Weedduun _____geerarsa dursee weeddifama?

## Gilgaala 2 gaaffilee armaan gadiif deebii kenni

1. Weedduu Lafoo armaan olii irraa maal hubatte?
2. Durbi maaliif dabeessa qeeqxi?

## Gilgaala 3

Faaruu (weedduu) dubartoonni naannoo keetii ittiin abbaa, haadha, gootaafi lammii ofii ittiin faarsan kan beektu yookin maatii gaafadhuu dareetti dhiyeessi.

# Boqonnaa 16 Ateetee

Ateeteen ayyaana dubartootni heeruman sanyiifi hormaata qajeelfachuuf facaafataniidha. Ateeteen mallattoo nageenyaa, tasgabbiifi qajeelummaati. Uumaafi uumama qajeelchitee dabaafi hamaa hambisti jedhanii bulfatu. Dubartoonni ateetee dhaabbatan Waaqaafi ayyaana haadha isaanii fayyaa, nageenya, qajeelummaa, hormaataafi misa kadhatu. Ateeteen hormaatni horiifi namaa akka qajeelu, sanyiin faca'e akka biqilu; kan biqile bubbeefi cabbiin akka hinmancaane, araarriifi nagaan akka  bu'u, jiruu fuulduraa milkeessuufi fiixaan baasuuf kan kadhatamuudha.

Ateeteen bakka lamatti qoodamti. Isaanis, ateetee falaafi ateetee goraati. Ateetee falaa jechuun, ateetee dubartoonni Oromoo hormaatni sa'aafi namaa akka qajeelu, midhaan akka tolu, dubartiin ilmoo dhabde akka argattu, dhiironni nageenya biyyaa eegsisuuf

bobba'an siinqee hulluuqsisuun eebbisuufi dubartiin daa'ima argatte Waaqa galateeffachuuf facaafatamudha. Ateeteen falaa gosoota garaa garaa qabdi. Isaan keessaa gurguddoon Ateetee Furmaa, Ateetee duulaa, Ateetee gindoo hiikaa, Ateetee jaariifi Ateetee sanyiiti.

## Gaaffilee Hubannoo 1

1. Dubartoonni Ateetee maal kadhatu?
2. Maqaaleen Ateetee Falaa eenyu fa'i?

Gosa Ateetee falaa keessaa tokko ateetee Furmaa yookiin Gorobbee yoo taatu, ji'a Amajjii keessa kabajamti. Haati warraa ateetee facaafattu sun dhangaafi dhadhaa qopheessitee, marga dhadhaa sanatti cuubdee ijoollee hundatti facaaftee eebbisti. Dubartoonni heeruman ijoollee ofiifi nyaataafi dhugaatii (akka cuukkoo, miccirraa, qincee, cuuphaa, qorii) qabatanii dhufu. Guyyicha eeggatanii qe'ee haadha isaaniitti wal gahanii eebba ateetee fudhatu. Dubartiin Ateetee facaafattu, dubartoota heeruman yoo qabaatte hundi isaanii osoo hinhafiin mana maatii isaanii deemanii eebba Ateetee qooddatu.

Gosti Ateetee biroon Ateetee gindoo-hiikaati. Ateeteen Gindoo hiikaa maqaa ateetee hagayyaa, ateetee midhaaniifi ayyaana sanyii jedhamuunis beekamti.

Gosa Ateetee kana keessattis, qotee bulaan sanyii facaasee erga xumuree, hidda (shaashii) mataa qotiyyootti maruun eebbisee geggeessa. Kunis mallattoo xumura qonnaati. Haati warraas baqsaa dhadhaa qophaa'etti coqorsa cuubdee itti facaastee, eebbistee geggeessiti. Guyyaa kana midhaan faca'ee jirutti nyaataafi dhugaatii qopheessanii dhibaafatu. Marqaa dhadhaan cuuphanii bakka hunda deemanii daddarbachuun seera dhibaayyuu raawwatu; yeroo kanas akkas jechuun eebbisu:

Aramaan gad margi,

Midhaan ol margi!

Lolaan toora irra bu'i,

Nyaataa ilkaan qabi!

Ilkee nagaan nu soori!

Qilleensaafi cabbii

hamaa midhaan kanarraa qabi.

Waggaa waggaan nu ga'i

Qotiyyoo gateetti jabeessi!

Qottuu irree jabeessi!

## Gaaffii Hubannoo 2

Ateeteen Gindoo hiikaa maqaalee maal fa'iin beekamti?

Akkasumas, gosti Ateetee falaa tan biraa Ateetee jaarii (gannii loonii)ti. Gosti Ateetee kun ji'a Sadaasaa kabajama. Maqaa ayyaana birboo jedhamuunis beekamti. Ateetee jaarii kana kabajuuf jalqaba dallaa loonii bakka jijjiiranii ijaaru. Akkasumas, baala bakkanniisaa yookiin birbirsaa karra dallaa irratti dagalchu. Wiirtuu dallaa sanaa keessa birbirsa sorooroo jabeessanii dhaabuun ulmaayyii, abbayyii, urgeessaafi aannannoo jala kaa'u. Tikseen loon fiddee yoo dhuftu haati warraa coqorsa, ulmaayiifi aannannoo akkasumas, marqaa qabatanii dallaa seenuun baala sanaan aannaniifi dhadhaa cuubdee itti facaastee eebbifti:

Saani gabbataan keeti

Ameessaa fayyaa kenni

Kormi cirrii haa ta'u

Rimaan haphee haa ta'u

Qotiyyoo harqootarratti

Dhadhaa okoleetti, nuuf bulchi.

## Gaaffii Hubannoo 3

### Maqaan Ateeteen Jaarii biroon eenyu fa'ii?

Xumura irratti, dhangaa qophaa'e nyaatanii dhuganii, kan hafe fudhatanii galu. Kana malees, Ateeteen falaa kan argataniif galataa galchuufi kan dhaban Waaqa kadhachuufis dabalata.

Dubartiin ilmoo godhatte Waaqaaf galata galchuufi daa'ima sana akka guddisuuf kadhatti. Kan deessee guddifachuu dhabde, akka guddatuuf kadhatti; kan jifuun jalaa jal'ate, akka qajeeluuf kadhatti. Dhabduun ilmoo argachuuf kadhatti, kadhachiifattis. Dubbiifi uumama maqeefi dabe, falatanii qajeelfatu, karaatti deebifatu. Ateeteen falaa hongee dheerate, ilmoo yookiin jabbii guddachuu didde, hanqina hormaataafi biqilaa ittiin falatan. Akkasumas, namaafi nama, namaafi Waaqa ittiin araarfatu. Cubbuu ittiin qulqulleeffatan. Gosti Ateetee kunis ateetee araaraa jedhamuun beekamti.

Gosa Ateetee falaa keessaa kan biroon Ateetee duulaati. Gosti Ateetee kun warri dhiiraa nageenya hawaasaa eegsisuuf yoo deemuuf ka'an dubartoonni naannoo sanaa walitti dhufuun sirna Laaftuu buusuu geggeessuudha. Kana jechuun, dubartoonni walga'anii bitaafi mirgaa walitti garagalanii dhaabbachuun siinqee wal tuqsiisanii gareen nageenya eegsisuuf bobba'an injifatanii akka galaniif siinqee jala hulluuqsisanii gaggeessuudha. Kunis bakka deemanii nagaafi milkiin akka galan Waaqa kadhachuufi eebbisuuf kan geggeeffamudha.

Yaa sariitii lashoo

Yaa jorroo lanbashoo

Alaalaafte guyyeen

Duula yaafte ofii

Gombisa lixxee

## Gaaffii Hubannoo 4

### Ateetee falaan maal falatu?

Ateeteen goraa ammoo, mirgi dubartootaa Gadaan tume akka hincabne kan qajeelchitudha. Dubartootni yoo mirgi Gadaan tumeef cabe ateetee Kanaan nama seera dabseefi cabse adabsiifatan. Gareen ateetee ayyaanessu afaan seedaa dubbatu; nagaa, araara, hormaata, qajeelummaafi misa kadhatu. Raawwileen ateetee akaakuu hundaa aannaniifi dhadhaan raawwatama.

Ateeteen goraa wayyooma dubartii tiksiti. Mirga shamarraniifi dubartootaa eegdi. Dubartoonni dhiira isaan arrabsu, salphisu, rukutu, mirga isaanii sarbu ittiin adabsiifatanii; horii irraa qalatu. Tumaa Gadaan dubartummaaf tume ittiin kabachiifatu. Dabaafi hamaa adabsiisanii araaraafi nagaa buusuuf kadhatu.

## Gilgaala 1 Dhugaa yookiin Soba jechuun deebisi

1. Dubarri/Durbi Ateetee hinfacaafattu.
2. Ateeteen dhimma dubartii qofaaf facaafatama.
3. Ateetee dhimma tokko qofaaf yeroo adda addaa facaafatu.
4. Ateeteen goraa mooraa loonii keessatti raawwatama

## Gilgaala 2 Gaaffilee armaan gadii ibsuun deebisi

1. Akaakuuwwan ateetee falaa kam fa'i?
2. Ateeteen falaa kan goraarraa maaltu adda godha?
3. Ateeteen ayyaana maaliiti? Maaliif barbaachisa?
4. Ateetee yeroo kam bulfatu?

## Gilgaala 3

1. Gosoota Ateetee naannoo keetti bulfataman maatii gaafadhuu daree keessatti hiriyyoota keetiif ibsi.
2. Faaruu Ateetee naannoo keessanitti bulfataman maatii gaafadhuu hiriyoota keetti himi.

Gogeessonni Gadaa waggaa saddeet saddeetiin gulantaa tokko irraa gara isa itti aanuutti ce'u. Yeroo gulantaa tokko irraa gara gulantaa itti aanuutti ce'an, jiloota jilatu. Jiloonni kunniin ardaalee jilaa qabu. Miseensonni Gadaas ardaalee jilaa luba isaanii sanatti godaanuun galma ijaarratu.

Galmi gulantaa tokko irraa gara gulantaa itti aanutti, yeroo ce'an ijaaramee itti dhibaafatama. Waaqnis itti kadhatama. Galmaaleen Ardaa jilaatti ijaaraman kunneen Gadaa adda addaa keessatti maqaa adda addaa qabu.

Manneen Ardaalee jilaatti ijaaraman kanneen keessaa kan yeroo Baallii yookiin geettii Gadaa ijaaramu Galma Gadaa jedhama.

Galmi Gadaa ardaa jilaa baalliin Gadaa wal harkaa fuudhamutti ijaarama. Ijaarsi galma kanaa yeroo jilli baallii wal harkaa fuudhuun dhiyaatu jalqabama. Tuutni Gadaa dursee guyyaa qubannaa murteessee lallaba. Guyyaa sanatti tuutni Gadaa ardaa jilaa sanatti mi'a isaanii fe'atanii godaanu. Godaansa kana walduraa duubaan miseensi tuutaa hundi nigala. Erga miseensi tuuta Gadaa hundi dhufee walgahee booda, ijaarsi galmaa jalqabama.

### Gaaffilee Hubannoo 1

1. Galma Gadaa jechuun maal jechuudha?
2. Galmi Gadaa yeroo akkamii ijaarama?

Ijaarsi galmaa kun kan Abbaa Gadaa irraa eegala. Ijaarsa galmaa abbaatu eegala waan ta'eef; Abbaa Gadaatu dongoree eegalchiisa. Miseensonni Gadaa waliin ta'uun galma Abbaa Gadaa ijaaru. Warri dhiiraa mukaafi quuncee dhiyeessu, ijaarsa isaa ammoo, dubartoota kan raawwatu. Kunimmoo walqixxummaa dhiiraafi dubartii agarsiisa.

Galmi Abbaa Gadaas gara harka mirgaatti ijaarama. Sana booda, akkuma angafummaa isaaniitti miseensota kaaniif mirgaa gara bitaatti ijaarama. Guyyaa qubannaa kana firaafi gosti miseensotaa hundi bahee galma itti ijaaree qubsiisa. Kanaafuu, galma ijaarachuun baay'ee namatti hinulfaatu. Baay'inni galmaa kan murtaa'u baay'ina Adulootaa yookiin Torbii akkasumas Yaa'a Gadaatiin ta'a.

Bocni galma kanaa geengoodha (galmiifi manni Oromoo hundi akkasiin bocama). Dongoraa abbaan warraa dongore sanatti naannessanii utubaa geengoon dhaabu. Achii, dagalee dhedheeraa dagalfachuu danda'u keessa sutu. Dhedheerinni dagalee keessa sutamanii utubaa bira ol darbee amma guutuutti yookiin baaxiitti deema.

Kallattii adda addaa irraa walitti fiduun guutuu hidhu. Kunniin walitti dhufanii boca geengoo qabu uumu. Kun ammoo, geenga'uu Gadaatiin walqabata yookiin wal-fakkaata.

Gadaan Oromoo saddeetiin butama, afurtamaan maree, dhibba sadiifi afurtamaan jaatamu yookiin dhumatee tokko jedhee eegala.

Kana jechuun, Gogeessi tokko waggaa saddeet bulchee oangoo dabarsa. Gadaan afurtamaan waan maruuf gogeessi angoo gadhiise afurtama abbaa isaatti deebi'ee gadooma. Gadaan afurtama sagal yoo mare dhibba sadiifi jaatama (360) ta'a. Gadaan dhibba sadiifi jaatamaa ol darbee hinlakkaa'u; deebi'ee tokko jedhee eegala. Kanaafuu manni Oromoos geengoo; Gadaan Oromoos geengoodha jechuudha. Galmi Gadaa balbala garaagaraa qabaatee garuu keessi isaa walitti qaawwa. Fakkoommiin isaas tokkummaa hawaasichaa agarsiisa.

## Gaaffilee Hubannoo 2

1. Ijaarsi galma Gadaa haala kamiin raawwata?
2. Mukkeen ijaarsa galmaaf oolan maal maal fa'a?

Galmi Gadaa mukkeen akka mi'eessaa, dhaddacha, harooressaafi kanneen kana fakkaatan irraa ijaarama. Kanneen keessaa muka naannootti argamutti fayyadamu. Iddoo mukkeen kunniin hinarganneettis mukuma naannoo sana jiruun ijaarama.

## Gilgaala 1 Dhugaa yookiin Soba jedhii deebisi

1. Galmi Abbaa Gadaa gara harka mirgatti ijaarama.
2. Galmi yeroo jila walharkaa fuudhinsa Baallii/Geettii Gadaa qofa ijaarama.
3. Mi'eessa, harooressaafi dhaddachi yoo hinjirre galmi hinijaaramu.

## Gilgaala 2 Gaaffilee armaan gadii barreeffamaan deebisi

1. Galmi Abbaa Gadaa kallattii kamiin dhaabbata?
2. Gadaafi Galma Gadaa maaltu walfakkeessa?
3. Gadaan gaafa godaanu maaliif galma ijaarrata?

## Gilgaala 3

Galma Gadaa naannoo keetti beektu yookiin maatii gaafadhuu fakkoommii isaa dareef ibsi.

# Boqonnaa 18 Woyyuu

Sirna Gadaa keessatti wantoonni kabajaafi ulfina qaban hedduutu jiru. Isaanis woyyuu yookiin ulfoo jedhamu. Gadaan waan kabajaafi ulfina guddaa qabu jedhee akka Woyyuutti adda baasee baay'eetu jiru. Wantoota Woyyuu ta'an hedduu keessaa kanneen kabaja olaanaa qaban Waaqa, lafa, abbaa, haadha, haadha soddaatii, soddaa, Qaalluufi Abbaan Gadaa isaan gurguddoodha.

Wantoota Woyyuu ta'an kanneen keessaa woyyuun jalqabaa Waaqa. Waaqni uumaa waan hundaati. Kanaafuu, Oromoon "Waaqni Woyyuu, nuu wayyi" jedhee Waaqa kadhata. Waaqni uumaa lafaafi samii, namaafi bineensa, malkaafi tulluuti. Halkaniifi guyyaa uumee ifaafi dukkanni waljijjiira.

Bonaafi ganna uumee roobaafi hongeen wal harkaa fudhatu.

Jireenyaafi du'a uumee kan dhalate martuu umrii Waaqni kenne jiraatee addunyaa kana irraa boqota. Wantoota Woyyuu jennu hunda kan uumes isa waan ta'eef; Waaqni Woyyuuwwan jiran keessaa ulfoo ulfoo oliiti. Kanaaf, Caffeen "Waaqni ulfaate" jette.

Wantoota wayyummaa olaanaa qaban keessaa lammaffaan lafa yoo ta'u; Waaqatti aanee ulfoo guddoodha. Wanti Waaqni uume namaafi horiin, mukaafi bineensi lafarra jiraatu. Lafti baattuu waan jiraafi du'aati. Kanaaf, Oromoon lafa akka haadha ofiitti ilaala. Akkuma haati ijoollee ishee baattee guddiftu, lafti sooressaafi hiyyeessa, gaariifi yaraa, guddaafi xiqqaa osoo hinjedhiin kan lubbuun jiru baatti; gaafa du'anis itti awwaalamu. Nama firri jibbellee lafti hinjibbitu. Kanaaf, lafti haadhatti fakkeeffamti.

Kana malees, lafarra qonnee midhaan nyaanna; bishaan ishee irraa waraabbannee dhugna. Horiin marga lafti biqilchitu dheeda. Uumamni nu arginu kun martuu lafa kanarra jiraatu; ishuma irraa sooratanii jiraatu. Lafti waan irra jiraannuufi irraa soorannu qofa miti. Tulluun lafa; (kan Oromoon Irreecha Arfaasaa itti irreeffatee rooba kadhatu). Malkaan lafa; (kan Oromoon Birraa itti irreeffatee galata Waaqaa galchu). Ardaan jilaa lafa (kan yaa'i Gadaa itti qubatuufi aangoo itti waliif k ennu). Kanaaf lafti ulfoo guddoodha.

## Gaaffilee Hubannoo 1

1. Oromoon maaliif Lafa ulfeeffata?
2. Waaqni hundaa ol woyyuu maaliif jedhame?

Woyyuu sadaffaan, haadha nama deesse yoo taatu karaa lamaan woyyummaa qabdi. Tokkoffaa dubartiin Woyyuudha. Haati namoota lafa kanarra jiraniifi jiraatanii darbanii dubartiidha. Kanaaf, dubartummaa isheen Woyyuudha. Lammaffaa Haati ji'a sagal garaatti, waggaa sadii dugdatti ilmoo baattee harma hoosiftee waan guddiftuuf Woyyuufi ulfoo guddoodha.

Haati ilmoo ishee qulqullina eegdee nyaachiftee obaaftee guddifti. Kanaaf, haadha nigargaaru, ni'ergamuuf malee haadha hinarrabsan yookiin hin yakkan. Haadha nagaa gaafatan malee bira hindarban. Haadha salphisuun qaaniidha; aad-maleedha, namni haadha qaanesse nituffatama. Waaqa biratti abaaramaa isa yookin ishee taasisa. Kanaaf, haadhatti afaan kabajaan dubbachuufi haadha ulfeeffachuun barbaachisaadha. Kana irraa kan ka'e haati woyyuu keessaayyuu Woyyuu guddoodha.

Woyyuu arfaffaan Abbaadha. Oromoon abbaan Waaqatti aanee nama uuma jedhee amana. Namni martuu dhiiga abbaafi haadhaa irraa uumame.

Abbaan erga daa'imni dhalattee, lafa qotee midhaan galchee; loon tiksee aannan obaasee kunuunsee ijoollee guddisa. Ofii daaree ijoollee isaa daara baasa. Seeraafi duudhaa barsiisee ilma fuusisee; intala heerumsiisa. Kanaaf abbaa nigargaaru, ni'ergamuuf malee abbaa hinarrabsan, hinrukutan, sagalee guddaan itti hiniyyan. Abbaan akka Waaqaa sodaatama; nikabajama. Oromoon "Abbaan Waaqa xiqqaadha" jedha. Kana jechuun, abbaan fagoo deemee hojjatee ijoollee isaa jiraachisa. Kanatu Waqaafi abbaa wal fakkeessa. Kanaafuu abbaan Waaqa, lafaafi haadhatti aanee woyyuudha.

Wantoota wayyummaa qaban keessaa inni biraan Soddaatiidha. Soddaatiin haadha intalaa yookiin haadha gurbaati. Soddaatiin iddoo tokko tokkotti Haadha soddaa jedhamti. Isheenis, akkuma haadhaa woyyummaa lama qabdi. Tokko dubartiin haadha ilma namaati. Mallattoo nagaafi araaraati. Kanaan soddaatiin Woyyuudha. Lammaffaa soddaatiin mucaa ishee ji'a sagal garaatti, waggaa sadii dugdatti baattee kunuunsitee guddifte siif kennite waan ta'eef, kabajaafi ulfina guddaa qabdi. Soddaatii maqaa hinwaaman; sagalee guddaa itti hindubbatan; haasaa ceeraafi fokkuu biratti hinhaasa'an. Kanaafuu Soddaatiin Woyyuudha.

Woyyuu kabajaafi ulfina olaanaa Oromoo biratti qaban keessaa inni biraa, soddaadha. Soddaan Oromoo biratti kabajaafi ulfina guddaa qaba. Soddaan kabaja abbaan nama dhalche qabu, qaba. Oromoon kanaaf "Soddaan sodaa (Woyyuu), soddaafi surree waliin kufu" jedhee mammaaka. Soddaan wal ulfeeffatee wal-kabajee waliin jiraata. Soddaafi soddaatii biratti haala amala gaariifi ulfinatu barbaachisa. Afaan seedaatiin isaanitti hinhaasa'amu. Soddaa maqaan hin yaaman; haasaa adaba hinqabne biratti hinhaasa'an. Kanaafuu Soddaan Woyyuudha.

## Gaaffilee Hubannoo 2

1. Haati woyyummaa lama qabdi maaliif jedhama?
2. Oromoon Abbaan Woyyuudha maaliif jedha?

Woyyuu gurguddoo keessaa kan biroon Qaalluudha. Qaalluun nama amantaa sirna Gadaa keessatti olaantummaan gaggeessaniidha. Qaalluun uumamaan kan Waaqayyo beekumsa, kabajaafi eebba kenneefii uumeedha. Qaalluun dhugaa Waaqaa dubbata; seera uumaa hojiirra oolcha. Waan namni yakke, Waaqa namaaf kadhata; akkasumas, waan Waaqni jedhe Rabbi irraa fuudhee namatti hima waan ta'eef, Waaqaafi nama walitti araarsa jedhamee amanama.

Qaalluun hojii ijoo sadii raawwata. Isaanis,

1. Qaalluun biyyaaf rooba, nagaa, fayyaafi badhaadhina kadhata.
2. Hawaasni aadaa, safuufi seera akka kabaju gorsa.
3. Abbaa Gadaatiif Qumbii kennee eebbisee akka dhugaarra maqne taasisa. Kanaafuu Qaalluun Woyyuudha.

Dabalataan, Abbaan Gadaa Woyyuudha. Abbaan Gadaa bulchaa ummataa waan ta'eef, kabajaafi ulfina guddaa ummata biraa qaba. Abbaan Gadaa Qumbii nyaatee, kakatee, nama dhugaan biyya bulchuuf filatame waan ta'eef, woyyuudha. Kanaafuu Abbaa Gadaa hinarrabsan, hintuffatan. Abbaa Gadaa Abbaa Gadoo Yookiin maqaa qumbiitiin yaaman malee maqaa dhalootaatiin hinyaamanu. Abbaan Gadaa woggoota saddeet guutuu ummata bulchu keessa naanna'ee rakkoo hiika.

Kanaaf, yoo karaatti itti dhufan "Hoo Abbaa Gadaa gumaata jedhanii ulfeeffatanii darbu. Barcuma isaa irrallee hintaa'an. Kallacha godhatee yoo jiraate fuuldura isaa hindeeman. Kanaaf, Abbaan Gadaa woyyuu kabajaafi ulfina guddaa qaban keessaa isa tokkodha. Walumaagalatti, Oromoon wanta woyyuu ta'an hedduu qaba.

## Gilgaala 1 Jechoota gabatee keessaan bakka duwwaa guuti

| | | |
|---|---|---|
| lafa | Soddaa | Waaqni |
| haadha | Soddaatii | Qaalluu |

1. Namoota keessaa woyyummaan kan hundaa caalu _____.
2. _____ n woyyummaa lama qabaachuun soddaa caalti.
3. _____n qixa abbaa kabajama, abbaa lammaffaa jedhamees beekama.
4. _____uumaa namaafi bineensaa, malkaafi tulluuti.
5. Wanti Waaqni uume marti ¬¬¬_____ irra jiraata.
6. _____n Abbootii Gadaaf qumbii kennee eebbisa.

## Gilgaala 2 Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa Kamtu Woyyuudha ?

A) Malkaa C) lafa qonnaa

B) Tulluu D) hunda

2. Kamtu fakkoommii Waaqaati?

A) Abbaa C) lafa

B) soddaatii D)hunda

3. Sirna Gadaa keessatti lafti eenyutti fakkeeffama?

A) lafa C) Haadha

B) Abbaa D) Soddaatii

4. Irreechi yeroo Arfaasaa eessatti kabajama?

A) Malkaa C) A fi B

B) Tulluu D) Deebiin hinjiru

## Gilgaala 3

Naannoo keetti wantoota Woyyuu ta'an maatii gaafadhuu barattootatti himi.

# Jechibsoo

| | |
|---|---|
| **Abbaa Duulaa** | Sirna Gadaa keessatti itti gaafatamaa nageenyaa |
| **Abbaa Gadaa** | bulchaa biyyaa |
| **Ardaa jilaa** | qubsuma miseensota Gadaa |
| **Ateetee** | galateeffannaa |
| **Ayyaana Ilillii** | ayyaana ijoolleen dubraa hariyyaa ta'an gareen kabajan |
| **Ayyaana Kuuchuu** | ayyaana ijoolleen dhiiraa hariyaa ta'an gareen kabajan |
| **Baallii** | mallattoo aangoo |
| **Bololiyaa** | saffisaa |
| **Booka** | dhugaatii aadaa damma irraa qophaa'u |
| **Booree** | xiiqii, haloo |
| **Buqurii** | dhugaatii aadaa garbuu irraa hojjatamu |
| **Caaccuu** | meeshaa ulfoo dubartiin godhattu |
| **Canaa** | maqaa mukaa |
| **Dabballee** | ijoollee gulantaa gadaa 0-8 keessatti argaman |
| **Dambii** | seera ittiin bulmaataa, waliigaltee |
| **Dhangaa** | nyaata |
| **Dhibaayyuu** | sirna galateeffannaa, kadhaa |
| **Dunfura** | rifeensa mataa dheeraa |
| **Duudhaa** | ittiin bulmaata, safuu, hooda |
| **Faacha** | mallattoo/meeshaa abbaa mirgummaa qondaalaa agarsiisu |
| **Faajjii** | alaabaa |
| **Findigamee** | mooyetti tumamee |
| **Finna** | ilma, mucaa, |
| **Fooggaluu** | dhaadachuu |
| **Gadaamoojjii** | dulloomanii gogeessa Gadaa keessaa bahuu |

# Jechibsoo

| | |
|---|---|
| **Gadoomuu** | aangoo fudhachuu |
| **Galaa** | nyaata yemmuu imala deeman qabatan |
| **Galma jilaa** | gosee Baallii |
| **Gogeessa Gadaa** | paartii Gadaa |
| **Gubbee** | walakkaa Sammuu |
| **Gubbisa** | jila moggaasa maqaa ilma hangafaaf taasifamu |
| **Guduruu** | rifeensa mataa hinhaaddamin; |
| **Hacaacoo** | adaadii |
| **Handhuuraa** | kennaa dhuunfaa; kennaa cilichaa |
| **Illaansoo/Ulmaa** | dubartii deesse |
| **Jila** | ayyaana, tolfannaa |
| **Kallacha** | meeshaa ulfoo Abbaan Gadaa addattig godhatu |
| **Kolbaa** | ummata bal'aa |
| **Lichoo** | halangee |
| **Luba** | abbaa Gadaa |
| **Mandiyaa** | sagalee guddaa, gigiigsuu |
| **Maracoo/Marxaa** | faaya Qondaalli morma irratti godhatu |
| **Muuda Qaalluu** | eebba Qaalluu fudhachuu |
| **Qaalluu** | dursaa amantii Oromoo |
| **Quxisuu** | mandhaa |
| **Ruubboo** | maqaa Gaammee Xixiqqaa Karrayyuu, Ituufi Humbanna biratti ittiin beekamu |
| **Sarbisuu** | ariitii |
| **Seera Muruu** | seera tumuu, seera baasuu |
| **Sheeramuu** | akaayanii/gogsanii mooyetti tumuun qolaa irraa baasuu |
| **Soramee** | qulqulleeffamee |
| **Subboo** | kan fuudhe |

# Jechibsoo

| | |
|---|---|
| **Ulfoo** | kabajamaa, kan ulfina qabu |
| **Unachuu** | dhuguu |
| **Urgoo** | waan urgaayu, foolii bareeda qabu |
| **Walannaa** | morkataa, masaanuu |
| **Warraaqaa/Baalguda** | faaya Qondaalli mataa irratti godhatu |
| **Wayyooma** | ulfina, kabajaa, safeeffamaa |
| **Yuuba** | [Abbaa Gadaa] bulchiinsa isaa xumuree aangoo gadi dhiise |

# BBO 2013/2020

Gatii Qar. _____